

سُورَةُ الْأَنْعَامِ
Suuraa An`aam

*Dura dursoo suuran tun suuratul'ankgaam je'anti,

قبل كل شئ هذه هي سورة الأنعام

*Isiin suuraa makkaati aayata { 9 }

وهي مكية الا الآيات { ٩ }

*Aayaanni isi'ii dhibbaafii jahaatamii shani {165}

وآياتها مائة وخمس وستون {١٦٥}

Lakkooyisi isi'ii jaha {6 }

وترتيبها {٦}

Isiin eega suuraa hgijriiti buute

نزلت بعد سورة الحجر

*Maqaa Rabbii qananii buusetinan jalqabaa

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Faarun tan Rabbiiti,

الْحَمْدُ لِلَّهِ

*Kan sami'iifii dachii uume

الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

*Kan dukkanaafii ifa uume

وَجَعَلَ الظُّلُمَاتِ وَالنُّورَ

1} *Duuba warri kafare eeg uma milikkata

ثُمَّ الَّذِينَ كَفَرُوا بِرَبِّهِمْ يَعْدِلُونَ ﴿١﴾

tokkummaa Rabbii arganii, waan biraa isatti qixxeessanii gabbaran {yakgdi-luun} jechuun; qixxeessan jechu',mukaan Rabbi je'anii, namaan jinni'iin, Rabbi je'anii gabbaranii,odoo kan gabbaramuu haqa godhatu isa sami'ii dachii uume, kan ifi'aa dukkana uume jechaa arganuu, odoo mukaafii namni isaan gabbaran waanuma Rabbiin akka isaan uumetti uume tayuu arganuu, Rabbitti qixxeessanii kafaran, Rabbii isaan uumetti balleessan.

*Rabbiin gabbaru haqa godhatu,isa biye`-

هُوَ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ طِينٍ

erraa isin uume, akkana jechuun kan abbaa keessan {adam} biye'erraa uumee ,eegasii aadamirraa isin uumee, dachii keessa isin facaase jechu, tanaaf jecha ilmaan namaa walirra hin caalan,maalif akka Rabbiin nuu himetti namni aadamirraa uumame, adam biye'erraa uumame ,tanaaf jecha Rabbii biyye'erraa isin uume gabbaraa,

*Kan eega isin uumee, waytii keessa duutan isinii godhe, kan namuu waytii Rabbiin isaf mure keessatti du'u, kan dura hin dabarre, kan irraa boodan aane,

ثُمَّ قَضَىٰ أَجَلًا

*Ammas waytii Rabbi biratti beekkamte

وَأَجَلَ مَسْمًى عِنْدَهُ

,tan isii keessa,qabri'ii isin kaasuu godhamteetu jira,waa afur Rabbiin ilma namarratti faradee jira,sun akkaataa uumaa isaa, haala isaa, hiree isaa , umrii isaa, namni waan Rabbiin murreeraa maqu hin jiru,

2} *Duuba isin yaa warra rabbitti kafare,

ثُمَّ أَنْتُمْ تَمْتَرُونَ ﴿٢﴾

Rabbiin qabri'ii isin kaasuu kana ni shakkitan,eeguma isaatu jalqabee isin uumee beytanii ,mee akkamitti qabriidhaa isin kaasuu dhugo'oomsuu diddan? inni duraan isin uume, isin deebisuu ni dadhabaa? hin dadhabu,maalif;akka aylii namatti waan bade deebisanii tolchu'uutu, waan tanaan dura hin argamin baasu'urra laafa.

*Inni isin uumee isin ajjeesee,isin kaasuu Rabbiin isa gabbaru'uufii isa dhagayu haqa godhatu,

وَهُوَ اللَّهُ

*Samiidhafii dachii keessatti,kan isa malee namni sami'ii dachii keessatti gabbaramuu haqa godhatu hin jirre

فِي السَّمَوَاتِ وَفِي الْأَرْضِ

*Rabbiin waan isin dhoyfattanii gara'atti qabattan hunda beekha, fattanii gara'atti qabattan hunda beekha

يَعْلَمُ سِرَّكُمْ

*Waan isin mul'iftan hunda beekha,

وَجَهْرَكُمْ

3} Waan isin dalaydan hunda beekhaa, hamtuu taatuu toltuu taatuu isin gaafatu'uu jiraata

وَيَعْلَمُ مَا تَكْسِبُونَ ﴿٣﴾

4} *Ormi kuffaaraa, aayata qur'aanaa tan Rabbi isaanirraa itti dhufte hunda iraa gara galuu hin oolle, aayatuma qur'aanaa tan nabi Muhammadirratti buutu hunda hin qeebalanii ni didan iraa gara galan, ittin fayyadaman jechu.

وَمَا تَأْتِيهِمْ مِنْ آيَةٍ مِنْ آيَاتِ رَبِّهِمْ إِلَّا كَانُوا

عَنْهَا مُعْرِضِينَ ﴿٤﴾

*Dhugumaan qur'aana haqaa kijibsiisanii jiran , hoggaa nabi Muhammad ittiin dhufe,

فَقَدْ كَذَّبُوا بِالْحَقِّ لَمَّا جَاءَهُمْ

5} *Duuba oduun waan isaan kijibsiisanii isaanitti dhuufu'uu teessi,balaan sababaa isaan qur'aana qeebaluu didanii tuffataniif ,isaanitti bu'uudhaa teessi, addunya'atti ajjeefamuudhan ,aakhiraadhatti ibidda seensifamuudhan.

سَوْفَ يَأْتِيهِمْ أَنْبَأُ مَا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٥﴾

*Si isaan ummata isaan dura dabre meeqaatam kan lafarraa dhabamsiifne hin aga-

الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ قَبْلِهِمْ مِنْ قَرْنٍ

ree? {qamin} jechuun;ummata jechu'

*Kan addunyaa tanarratti ummata saniif akkaan irree guddoo isaanii kennine,

*Waan isin orma kuffaaraa, kan amma jiruuf, hin kennin, {makkannaahum} jechuun kan mijjuu isaanif kennine jechu',

*Kan rooba hedduu isaanif roobsine, kan waa hunda isaanii magarsu,

*Kan lagootin , ganda isaanii keessa olii gad akka yayaatu goone,kan qananii nuti isaanii kennine tana laaluu didanii, kafaranii, anbiyoota nuti ergine kijibsiisan,

*Duuba sababaa isaan cubbuu dalaganiif waan isaan ergamoota Rabbii kijibsiisaniif lafarraa isaan fin'ee

6} *Eega isaanitii ummata biraa finne. ormi

kuffaaraa qur'aana Rabbiin qalbii nabi Muhammadiratti buusee nabi Muhammad isaaniratti qara'u dhugo'oomsuu didanii, akki je'an; qur'aana xalaya'arratti katabamee sami'ii bu'u nutti fidi hoggaa san sitti amanna je'anii ,nabi Muhammadirraa barbaadan, hoggaa san Rabbiin aayata as deemu tana buusee akki je'e .

*Yaa gabricha kiyya Muhammad,odoo qur'aana xalaya'arratti katabame sirratti buufnee

*Harka isaanitiin tuqanii, yookaa qabataniin arganii, {qirxaasa} jechuun; xalaya'aa

7} *Warri kafare wanni nuti agarree harkaan qabanne kan xalaya'arratti katabame kun falfala mul'ataa malee waan Rabbiin buusee mitii je'an, si morkoru'uu jecha, yookaa didda'aa jecha

*Ammas kuffaari wanni je'e maalif malaaykan inni ergamaa Rabbiitti jettee, ragaa baatuf irratti hin buufamne?Rabbiin akki je'e

*Odo akka isaan barbaadanitti, malaaykaa buufnee, duuba itti amanuu baatanii , takkaayuu didanii

*Silaa akka lafarraa dhabaman firidiin isaanitti godhamti,

مَكَّنَهُمْ فِي الْأَرْضِ

مَا لَهُمْ لَكَرُ

وَأَرْسَلْنَا السَّمَاءَ عَلَيْهِمْ مِدْرَارًا

وَجَعَلْنَا الْأَنْهَارَ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهِمْ

فَأَهْلَكْنَاهُمْ بِذُنُوبِهِمْ

وَأَنشَأْنَا مِنْ بَعْدِهِمْ قَرْنًا آخَرِينَ ﴿٦﴾

وَلَوْ نَزَّلْنَا عَلَيْكَ كِتَابًا فِي قِرْطَابٍ

فَلَمَسُوهُ بِأَيْدِيهِمْ

لَقَالُوا الَّذِينَ كَفَرُوا إِنَّ هَذَا إِلَّا سِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿٧﴾

وَقَالُوا لَوْلَا أُنزِلَ عَلَيْهِ مَلَكٌ

وَلَوْ أَنزَلْنَا مَلَكًا

لَفَضَى الْأَمْرَ

8} *Nu afaa araarama barbaannaa yoo je`an

ثُمَّ لَا يَنْظُرُونَ ﴿٨﴾

hin afaman,yookaa qaaxaroon isaanif hin qabamtu, akkuma Rabbiin warra isaan dura dabre godhuu ture, maalif ? warri dur,yoo Rabbiin waan akkanaa nu garsiisi je'anii, duuba garsiisee itti amanuu didan, hogguma san isaan dhabamsiisa isaan hin afatuu, yookaa hanga araarama barbaadan qaaxaroo isaanif hin qabuu, silaa warri makkaatis akkas taya

*Odoosilaa malaaykaa nabi Muhammadiratti buufnee silaa akka suuraa dhiirati gona ,akka namni isa dubbisuu dandayu, aalif malaayaa akka isiin uumamtetti namni arguu hin dandayu,

وَلَوْ جَعَلْنَاهُ مَلَكًا لَجَعَلْنَاهُ رَجُلًا

9} *Silaa dubbii isaanitti wal fakkeesine

وَلَلْبَسْنَا عَلَيْهِمْ مَائِيلًا سُونَ ﴿٩﴾

akkuma isaan dubbii ifitti wal fakkeessanitti isaan wanni je'anii; dubbii ifitti wal fakeessan ,hoggaa silaa malaaykicha argan,kun waa malaayka'aa mitii namuma akka keessaniiti je'anii if shakkisiisan,wanni akkanatti isaanitti wal fakkeesinuuf garaan isaanii yookaa yaanni isaanii hamaa tayu'uuf jecha .

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ergamoota kiyya heddu'uutu si dura kijibsiifame, takkaayuu xiqqeeffame, ummanni isaan itti ergaman waan isaan ittiin ergaman irraa qeebaluu didanii,

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلًا مِنْ قَبْلِكَ

10} *Duuba balaan yookaa azaabni warra ergamoota kijibsiise sanitti buute, sababaa waan isaan kijibiisaniitif jecha, duuba warra si kijibiisettis akkasuma balaan bu'uudhaa teessii beekhi.

فَكَافَأَ بِالَّذِينَ سَخِرُوا مِنْهُمْ مَا كَانُوا بِهِ

يَسْتَهْزِءُونَ ﴿١٠﴾

*Warra kafare kanaan akka jettu; mee biyya keessa olii gad deema'aa,ona warra kafaree ammallee araddaa isaanii, faana isaanii laalaa,

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ ثُمَّ أَنْظِرُوا

11} *Mee boodan warra ergamoota Rabbii

كَيْفَ كَانَتْ عَاقِبَةُ الْمُكْذِبِينَ ﴿١١﴾

kijibsiisee akkam taate? boodden isaanii wanni taate,azaabni isaanitti bu'ee lafarraa haqamu', takkaayuu dhabamu', wanni Rabbiin ona warra badee laalu'utti isaan ajajeef akka gorfamani'iifi.

*orma kuffaaraa saniin; wanni sami`ii dachii keessa jiru kan eenyuti ji'iinii gaafadhu? duuba yoo gaafii tanaaf deebisaa kennuu

قُلْ لِمَنْ مَتَابِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

baatan, ati deebisaa isaanii kennii,

*Wanni sami'iifii dachii keessaa, kan Rabbiiti ji'iin, deebisaan gaafii sanii tana malee hin jirtuu

*Rabbiin gabroottan isaatii rahgmata godhuu ifirra kaayee jira,

*Guyyaa boruu Rabbiin walitti isin qabu'uu jiraata, dalagaa teessanirraa isin gaafatu'uu jecha, kan tole qananiisee ka bade qixaa-xu'uu jecha

*Rabbiin guyyaa boruu walitti nama qabuun waan shakkiin keessan jirre,

12} *Warri dalagaa hamtuudharratti goggoege lubbuu ifii khasaare hin amanu, waan qalbiin isaanii goggoydeef jecha .

*Wanni halkanii guyyaa keessa jiru hundi kan Rabbiiti isaatu uumee, isaatu qaba akkana jechuun wanni hundi ta isaati jechu

13} *Rabbiin kan waan je'amu hunda dha-gayu, kan waan dalagamu hunda beekhu

*Si waan Rabbin tayinan Rabbi goddhee gabbaraa? hin godhuu hin gabbaru jechu,

*Rabbiin kiyya kan sami'iifii dachii uume ,

*Inni kan rizqii namaa hiru,

*Kan rizqiin isaaf hin hiramne ,kan waha-yuu gara isaa haajamtu, kan ifii waa tak-kalleedhattin haajamne

*An nama dura dursoo ummata kanarraa Rabbitti amane tayu'uttin ajajame je'iin,

14} *Warra Rabbitti kafareraa hin tayin warra Rabbiif hiriyyaa godherra hin tayin.

15} *An yoonan Rabbii kiyatti dilaaye waan isan tayiniin Rabbi je'uudhan, azaaba guyyaa jaba'aatin sodaadha ji'iin, sun azaab guyyaa qiyaama'aati.

*Namni azaabni guyyaa qiyaama'aa irraa dhoowwame

قُلْ لِلَّهِ

كُنَّ عَلَى نَفْسِهِ الرَّحْمَةَ

لِيَجْمَعَنَّكُمْ إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ

لَا رَيْبَ فِيهِ

الَّذِينَ خَسِرُوا أَنْفُسَهُمْ فَهُمْ لَا

يُؤْمِنُونَ ﴿١٢﴾

﴿١٣﴾ وَلَهُ مَا سَكَنَ فِي اللَّيْلِ وَالنَّهَارِ

وَهُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿١٣﴾

قُلْ أَعِزَّ اللَّهُ اتَّخَذُ وَلِيًّا

فَاطِرَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَهُوَ يُطْعِمُ

وَلَا يُطْعَمُ

قُلْ إِنِّي أُمِرْتُ أَنْ أَكُونَ أَوَّلَ مَنْ أَسْلَمَ

وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٤﴾

قُلْ إِنِّي أَخَافُ إِنْ عَصَيْتُ رَبِّي عَذَابَ يَوْمٍ

عَظِيمٍ ﴿١٥﴾

مَنْ يُصْرِفْ عَنْهُ يَوْمَئِذٍ

*Dhugumaan Rabbiin rahgmata isaaf godhe

فَقَدَّرْجَمَهُ

16} *Sun milkii mul'attuu namuu isi'iif hawwu,

وَذَلِكَ الْفَوْزُ الْمُبِينُ ﴿١٦﴾

*Yoo Rabbiin waan si dararuun ,yookaa si dhibuun si tuqe, waan akka dhukkubaa takkaa hiyyummaafa'aa si tuqe, namni waan si dhibu san sirraa deemsisu isa malee hin jiru,

وَإِن يَمَسَّكَ اللَّهُ بِضُرٍّ فَلَا كَاشِفَ لَهُ إِلَّا هُوَ

*Yoo Rabbiin waan kheyrii qabuun si tuqe, waan akka fayya'aa takkaa durumma'aa yoo sii kenne,

وَإِن يَمَسَّكَ بَخِيرٍ

17} *Inni waan hundarratti dandaya'aa.

فَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٧﴾

*Rabbiin kan waa hunda dandayu,kan waa takka isan dadhabsiifne,kan gabroottan isaa hundaa oliiti, kan waa hundaa oliiti,

وَهُوَ الْقَاهِرُ فَوْقَ عِبَادِهِ

*Inni kan waan dalagu hunda keessatti hikmaa qabu, kan waan malu mallee hin dalayne ,

وَهُوَ الْحَكِيمُ

18} *Kan waan uume hunda akkuma gub-

الْخَيْرِ ﴿١٨﴾

baa isaanii beekhutti keessa isaanii beekhu.

Ormi kuffaaraa nabi Muhammadiin nama akka ati ergamaa Rabbii taate ragaa sii bayu nuu fidi hoggaa san sitti amannaa jennaanin, Rabbiin nabi Muhammaadiin akka je'e ;

*Wanni orma kuffaaraatiin jettu , namni ragaa naa bayu irra guddaan eenyu? Misikiriin irra gudda'aa eenyu je'iin ,duuba yoo gaafii tanaa deebisaa sii kennuu baatan, ati deebisaa kennii,

قُلْ أَيُّ شَيْءٍ أَكْبَرُ شَهَادَةً

*Ragaan guddaan naafii isin jiddu'utti Rabbii je'iin,deebisaan gaafii tanaa akkana malee hin jiruu,

قُلْ اللَّهُ شَهِيدٌ بَيْنِي وَبَيْنَكُمْ

*Wanni qur'aanni kun narratti buufameef,

وَأُوحِيَ إِلَيَّ هَذَا الْقُرْآنُ

*Akkan qur'aana kanaan isin qajeelchu'uufi ,yaa warra makkaa,

لِيُنذِرَكُمْ بِهِ

*Ammas akkan warra qur'aanni kun bira gaye hunda qajeelchu'uufi, qur'aanni kun tanaaf narratti buufame,

وَمَنْ يَلْعَ

*Si isin Rabbiin wajji, Ra bbiin biraa ni jiraa ragaa baatanii ? takkaayuu yaaddanii? kun gaafii didda'aatii

أَيُّكُمْ لَتَشْهَدُونَ أَنَّ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ

*Wanni jettuun an Rabbiin wajjiin gooytan biraa ni jiraa ragaan bayu ammallee hin yaadu ji'in

قُلْ لَا أَشْهَدُ

*Rabbiin tokkicha lama jechaan qabne, tokkichaan haajamne kan gargaarsifanne,

قُلْ إِنَّمَا هُوَ إِلَهُ وَاحِدٌ

19} *An waan isin Rabbitti qindeesitanirraa yookaa masaanuu Rabbiif gootanirraa qulqullu', waan isin yaaddan hin yaadu ji'in

وَإِنِّي بَرِيءٌ مِّمَّا تَشْرِكُونَ ﴿١٩﴾

*Warri kitaaba isaanif kennine ,yahuuda'aafii nasaaran,yookaa ormi kiristiyaanaa

الَّذِينَ آتَيْنَاهُمُ الْكِتَابَ

*Nabi Muhammad akka inni ergamaa

يَعْرِفُونَهُ، كَمَا يَعْرِفُونَ آبَاءَهُمْ

Rabbii taye akkuma ilmaan isaanii beekhanitti beekhan,inumaa qaalichi injiil akkaan beekhu tokko akki je'e; beekkomsa an nabi Muhammad ergamaa Rabbii tayuu beekutu, beekkomsan ilmi kiyya ilmuma kiyya tayuu beekurra cima'a, maalif akka nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye, Rabbiitu towraatiffii injiil keessatti nuu odeesse, ammoo ilmi kiyya ilmuma kiyya tayuu haadha isa-atitu naa odeesse, duuba waan Rabbiin odeessetu waan namni odeesserra calaa, tanaafan nabi Muhammad ergamaa Rabbii tayuu, alaaman Rabbiin injiiliffii towraat keessatti nuu hime irratti argu'uun akka ilmaan keenya beeynutti akka inni ergamaa Rabbii taye beynaa je'e,

*Warri yahuuda'aafii nasaara'aa kanneen odoo nabi Muhammad beekhanuu qeebaluu didanii,lubbuu ifii galaafatan, azaaba haqa godhatu'uun

الَّذِينَ خَسِرُوا أَنفُسَهُمْ

20} *Isaan sun nabi Muhammaditti hin amanan, isaan warra beekha'aa didu kan qalbiin isaanii goggoyde

فَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٢٠﴾

*Nama Rabbiin shariika qaba, yookaa masaanuu qaba je'ee,kijiba Rabbirra kaayerra, eenyu namni cubbuu yookaa dilii dalage,

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنِ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

*Yookaa eenyu namni nama qur'aana Rabbii kijibsiisee qeebaluu diderra cubbuu dalage , namni isarra cubbuu dalage hin jiru jechu,

أَوْ كَذَّبَ بِآيَاتِهِ

21} *Warri dalagaa hamtuu tana dalagu'uun if galaafate, hin milkaayu.

إِنَّهُ لَا يُفْلِحُ الظَّالِمُونَ ﴿٢١﴾

*Guyyaa qiyaama'aa gaafa nama hunda walitti qabnu dubbadhaa,

وَيَوْمَ نَحْشُرُهُمْ جَمِيعًا

*Kan eega walitti isaan qabnee, warra Rabbitti waa qindeessen kanneen iisa'aan ,maryamiin,mukaan Rabbi je'uun,

ثُمَّ نَقُولُ لِلَّذِينَ أَشْرَكُوا

22} *Mee eessa jira? Warri isin Rabbitti qindeessitanii hiriya Rabbiitii yaaddan? eessa jiran? jennuun.

أَيْنَ شُرَكَاءُكُمْ الَّذِينَ كُنْتُمْ تَزْعُمُونَ ﴿٢٢﴾

*Duuba wanni isaan himat an hin jirtu {fitnatuhum} jechuun;wanni isaan himatan hin jirtu jechu,

ثُمَّ لَوْ تَكُنْ فِتْنَتُهُمْ

23} *Wallaahii yaa Rabbii keenya nuti waa takka sitti hin qindeessine je'anii khakhatuu malee waa takka wanni isaan himatan hin jirtu.

إِلَّا أَنْ قَالُوا وَاللَّهِ رَبَّنَا مَا كُنَّا مُشْرِكِينَ ﴿٢٣﴾

*Mee akka itti isaan if kijiban laali nuti Rabbitti hin qindeessine je'anii hoggaa azaaba ijaan argan,

أَنْظُرْ كَيْفَ كَذَبُوا عَلَىٰ أَنْفُسِهِمْ ۚ

24} *Wanni isaan Rabbiin hiriya qaba je'anii kijiban hundi harkaa baddee.

وَصَلَّ عَنْهُمْ مَا كَانُوا يَفْتَرُونَ ﴿٢٤﴾

*Warra kuffaararraa nama hoggaa ati qur'ana qaraatu qaraatii tee dhaggeeffatuutu jira, kan hin qeeballe,

وَمِنْهُمْ مَنْ يَسْتَمِعُ إِلَيْكَ

*Kan qadaaddaa qalbii isaanirra keenye, sababaa cubbuu isaanitiif,

وَجَعَلْنَا عَلَىٰ قُلُوبِهِمْ أَكِنَّةً

*Akka waan dhagayan hin qabanneef jecha,

أَنْ يَفْقَهُوهُ

*Gurra isaanii keessa duudumma'aatu jiraa waan dhagayan hin qeebalan,

وَفِي ءَاذَانِهِمْ وَقْرًا

*Jarri kun odo, aayat, yookaa mukgjizaa hunda arganii ittin amanan, waan onnee isaanii goggoydeef jecha ,

وَإِنْ يَرَوْا كَلِمًا إِلَيْهَا لَا يُؤْمِنُوهَا

*Hanga sitti amanuu dhiisanii, siin morom-u'uu sitti dhufanitti ,

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَ وَكَ يُجَادِلُونَكَ

25} Warri kafare wanni je'u qur'aanni kun oduu warra duri malee waan Rabbiin buuse mitii je'an.

يَقُولُ الَّذِينَ كَفَرُوا إِنْ هَذَا إِلَّا أَسْطِيرُ الْأَوَّلِينَ ﴿٢٥﴾

*Ormi kuffaaraa sun nabi Muhammaditti amanu'urraa nama dhoowwan,

وَهُمْ يَنْهَوْنَ عَنْهُ

*Ifiifis irraa fagaatanii ittin amanan,

وَيَنْتَوِي عَنْهُ

26} *Isaan dalagaa tanaan ifuma miidhan

وَإِنْ يَهْلِكُونَ إِلَّا أَنْفُسُهُمْ وَمَا يَشْعُرُونَ ﴿٢٦﴾

yookaa ifuma balleessan malee,nama biraatii miti ,waan diliin islaamarraa nama hoowwu'uutifii tan ifii amanuu dhabuudhaa isaanitti deebituuf jecha, isaan tun beyne malee , gama kaanin aayaanni tun wanni nuu himtu haala adeera nabi Muhammad tokko, kan nama nabi Muhammad ajjeesu'uu yookaa miidhu'uu deemu irraa dhoowwu kan ifii ittin amanne.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad odoo

وَلَوْ تَرَىٰ إِذْ وَقَفُوا عَلَى النَّارِ

orma kuffaaraa,hoggaa isaan ibiddarraa qabaman haala isaanii akka isaan taayan gartee, silaa wahuma agarta, ibiddarra qabamuun dildila ibidda azaabaa gubba'atti hidhamu', kan siraax je'amu

*Kan hoggaa azaaba argan oduma addunya'aarratti deeffamnee, silaa aayata Rabbii keenyaa hin kijibsiifnu,qur'aana Rabbii ni hugo'oomsinaa ,

فَقَالُوا لَوْلَا إِنَّا نَرُدُّ وَلَا نَكْذِبُ يَا رَبَّنَا

27} *Warra amanerraa taana je'an, hoggaa azaaba warra kafaree ijaan argan.

وَتَكُونُ مِنَ الْمُنْذَرِينَ ﴿٢٧﴾

*Duuba Rabbiin akki je'e warra kafareef

بَلْ بَدَأَهُمْ مَا كَانُوا يُخْفُونَ مِنْ قَبْلُ

waan isaan dur dhoyfatantu mul'ate.Wanni isaan san dura dhoysan ; yaa Rabbi nuti sitti hin kafarre, sitti waa hin qindeessine jechu', haa tayuu humniti qaama isaanii akka isaan Rabbitti kafaran, ragaa itti baanan wanni dur dhoysan isaanif mul'atee, akka kafaran, if beekhanii addunya'atti deeffamanii islaamayanii, azaaba warra kafaree jalaa bayu'uuf hawwan,

*Rabbiin akki je'e ormi kuffaaraa sun odoo addunya'atti deeffamee waan irraa dhowwaman, kafaruu, ittuma deebi'an

وَلَوْ رُدُّوا لَعَادُوا لِمَا هُمْ بِأَعْتَدُ

28} *Isaan odoo deeffamnee ni amanna je'aniiti kijiban malee.

وَلِيَأْتِيَهُمْ لَكٰذِبُونَ ﴿٢٨﴾

*Ormi kuffaaraa kanneen eega du'anii qabri'ii kaafamuu moromu, akki je'e; jiruun tenya tan addunya'aa tana malee jiruun biraa hin jirtu,

وَقَالُوا إِن هِيَ إِلَّا أَحْيَانُنَا الَّذِي

29} *Nutu eega duunee qabri'ii hin kaafamnu je'an.

وَمَا نَحْنُ بِمَبْعُوثِينَ ﴿٢٩﴾

*Orma kana odoo eega qabri'ii kaafamanii, jiraachifamanii, Rabbii isaanirraa fidamanii

وَلَوْ تَرَىٰ إِذْ وَقَفُوا عَلَىٰ رَبِّهِمْ

agartee silaa waanuma jabduu agarta

*Kan Rabbiin hayyee qabri'ii isin kaasee isin jiraachisuun kun haqaa mitii? Jennaanin,

*Dhuga'a, yookaa haqa yaa Rabbii keenya je'an,

30} *Jennaan Rabbiin akka je'een ; waan addunya'arratti natti kafartaniif azaaba warra natti kafaree dhandhamaa, amaniinsi amma isin amantan isin hin fayyaduu je'een

*Warri eega du'anii ka'anii gara Rabbii deebi'uu moromu, kijibsiisu, dhugo'oomsuu didu ,dhugumaan khasaaraman , badan, waan qiixaan'i zalaalami'ii isaan mudatuuf,

*Hanga {saa'an} ,qiyaaman ,dingatatti isaanitti dhuftutti {baghtatan} jechuun; dingataan jechu, dhagu'utti

*Gaafas wanni isaan je'an yaa badii teenya, yaa sheenaa teenya ,

*Waan addunyaa keessatti balleessineef, waan Rabbitti balleessineef,

*Ormi kuffaaraa sun dilii yookaa cubbuu isaanii guyyaa qiyaama'aa dudda isaanirratti ba'atan, maalif diliin isaanii suuraa hamtu'utti sawwaramteeti, foolee hamtu'uun dhuftee hoggaa isaan qabri'ii kaafaman isaan yaabbattee ,akkasitti ba'ata'aa yaa'aadhaa dirree qiyaama'aa dhufan,

31} *Yaa hammeenya waan isaan ba'atanii, sun diliidhaa.

*Rabbiin akki je'e; jiruun addunya`aa tun

takkaa jiruu addunya'aa tanaa dalaguun, tapha, waan faaydaan qabne ,waan namni aylii qabu isi'ii je'ee waytii ifii itti balleessuu miti, akka warri kafare nyaatumaa, dhugaati'ii, uffataa je'ee addunyaa tana jala ceyutti, kan waan biraa hin yaanne, ammoo namni Rabbitti amane nyaataa dhugaatii, uffata argatee , karaa Rabbirratti jabaatu'uu jecha dalaguun, addunyaa hin je'amtuu, waan aakhira'aati je'amaa, galata Rabbirraa irratti argata, maalif wanni takkittiin ,hoggaa takka addunyaa taatee, hoggaa takka aakhiraa ni taati, uffanni kuffaari Rabbi moromu boonaf uffatu addunya'aa irra gaafatama, ni qixaaxama, am-

قَالَ لَيْسَ هَذَا بِالْحَقِّ

قَالُوا بَلَىٰ وَرَبِّنَا

قَالَ فَذُوقُوا الْعَذَابَ بِمَا كُنْتُمْ تَكْفُرُونَ ﴿٣٠﴾

قَدْ خَسِرَ الَّذِينَ كَذَّبُوا بِلِقَاءِ اللَّهِ

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَتْهُمْ السَّاعَةُ بَعْتَهُ

قَالُوا يَا حَسْرَتَنَا

عَلَىٰ مَا قَرَطْنَا فِيهَا

وَهُمْ يَحْمِلُونَ أَوْزَارَهُمْ عَلَىٰ ظُهُورِهِمْ

أَلَسَاءَ مَا يَرْزُقُونَ ﴿٣١﴾

وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا إِلَّا لَعِبٌ وَلَهْوٌ

moo uffanni mu'minni if dhoysu'uu jecha uffatee, Rabbii isaatif galata galchu aakhira'aa waan galata Rabbirraa irratti argatu, nyaatafii dhugaati'iifii, wanni biraatis akkasi,

*Mana eega du'anii ka'anii itti galantu itti

وَلَدَارُ الْآخِرَةِ خَيْرٌ لِلَّذِينَ يُتَّقُونَ

galantu,mana addunya'arra caala warra Rabbi sodaatuf, maalif ? Addunyaan waan dabraatii gaadisa,ammoo wanni aakhira'aa waan hafuu qananii zala-alamii'iiti ,

32} *Si akkas tayuu beytanii hin amantanii ? {takkaayuu beekhanii hin amananii?}.

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿٣٢﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka

فَدَعَلِمَ إِنَّهُ لِيَحْزَنُكَ الَّذِي يَقُولُونَ

wanni hamtuun ormi kuffaaraa siin je'u, si kijibsiisun isaanii si yaachiftu, takkaayuu qalbii si cabsitu dhugumaan beynaa, qalbii if jabeessi hin yaaddawin,

*Ormi kuffaaraa sun gara'aan sin kijibsiisan akka ati dhugaa dubbattu ni beekhanii

فَأَنَّهُمْ لَا يَكْذِبُونَكَ

33} *Haa tayuu ormi kuffaaraa badaan qur'aana Rabbiiti kijibsiisan moroman

وَلَكِنَّ الظَّالِمِينَ بِآيَاتِ اللَّهِ يَجْحَدُونَ ﴿٣٣﴾

*Ergamoonni Rabbii meeqaatamtu si dura kijibsiifamee jira,

وَلَقَدْ كَذَّبَتْ رُسُلٌ مِن قَبْلِكَ

*Duuba waan kijibsiifamaniifii, miidhaa kuffaari isaan miidhurratti obsanii jiran,

فَصَبْرٌ وَعَلَى مَا كَذَّبُوا وَأُودُوا

*Hanga dirmachuun teenya isaanii dhuft-

حَتَّى أَنصُرْنَا

tti,warra isaan kijibsiise lafarraa fixuudhan,duuba yaa ergamaa kiyya Muhammad akkuma isaan obsanitti, miidhaa ummanni kee si miidhurratti obsi, hanga sii dirmanee isaan fin'utti,

*Dubbiin Rabbii hin jirjiramtuu,wanni Rabbiin mure hin oolamtuu,

وَلَا مَبْدَلَ لِكَلِمَاتِ اللَّهِ

34} *Yaa ergamaa kiyya Muhammad oduu warra si dura ergamerraa waa heddu'uutu sii dhufe waa hedduu dhageesse, waan qalbii si jabeessu kan gorsa sii tayu .

وَلَقَدْ جَاءَكَ مِن نَّبَائِ الْمُرْسَلِينَ ﴿٣٤﴾

*Ummanni kee islaamayuu dhabuun isaanii, sirraa gara galuun isaanii,yoo qalbii si cabsitee, si yaachiftee, kan sabrii si dhoowwitu taate

وَإِن كَانَ كِبْرَ عَلَيْكَ إِعْرَاضُهُمْ

*Yoo kan dachii jala deemtee,

فَإِنِ اسْتَطَعْتَ أَنْ تَبْتَغِيَ نَفَقًا فِي الْأَرْضِ

*Yookaa samii kortee,

أَوْسَلَّمَ فِي السَّمَاءِ

*Kan mukgjizaa isaan islaameysitu itti

فَتَأْتِيهِمْ بَيِّنَاتٍ

fiduu dandeesse itti fidi, haa islaamayanii, haa tayuu hin dandeessu dachii sentee, samii baatee aayata, yookaa mukgjizaa isaan nutti fidi je'an itti fiddee akka islaamayan godhuu hin dandeessuu, yoo islaamatti isaan yaamtee islaamayuu didanii inumaa dabranii si miidhan, hin yaaddawinii obsi hanga Rabbiin sii dirmatutti,

*Rabbiin odoo fedhee ummata hunda islaamumma'arratti walitti qabaa, haa tayuu Rabbiin san hin feene, tanaaf jarri sun hin amanne ,namni waan Rabbiin hin fedhin taas-isuu dandayu hin jiruu,

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ لَجَمَعَهُمْ عَلَى الْهَدْيِ

35} *Warra kana hin beynerraa hin tayin wanni sirratti jiru, wanni Rabbiin fedhe ni taatii wanni Rabbiin hin fedhin hin taatuu yaadu',waa hundinuu harka isaati jirtii yaadu

فَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْجَاهِلِينَ ﴿٣٥﴾

*Namni diinaa ati itti yaamtu qeebalu takkaa si jalaa owwaatu,

﴿ إِنَّمَا يَسْتَجِيبُ

*Warra waa beekhu, kan baru'uuf waan ati jettu dhaggeeffatu,

الَّذِينَ يَسْمَعُونَ

*Kuffaara Rabbiin qabri'ii isaan kaasa gyyaa qiyaama'aa ,

وَالْمَوْتَىٰ يَبْعَثُهُمُ اللَّهُ

36} *Eega sanii, ormi kuffaaraa sun,gara

﴿ ثُمَّ إِلَيْهِمْ يُرْجَعُونَ ﴿٣٦﴾

Rabbiiti deeffaman,duuba isaan qixaaxu'uu jiraata,waan isaan dubbii Rabbi dhagayuu didanii,isatti kafaraniif,{walmawtaa} jechuun; kuffaara jechu, wanni Rabbiin kuffaara nama du'etti fakeessef; waan isaan akka namni du'e, waan dhagayu hin deebifnetti isaanis, waan nabi Muhammad je'u hin dhageenyefi, dhageeytii qeebaliinsaa.

*kuffaarri makkaa wanni je`e maalif aayanni,yookaa mukgjizaan nabi Muhammadiratti hin buufamne? akka nuti barbaannutti ,

وَقَالُوا لَوْلَا نَزَلَ عَلَيْهِ آيَةٌ مِنْ رَبِّهِ

*Rabbiin aayata, yookaa mukgjizaa isin barbaaddan buusuu ni dandaya ji'in,

قُلْ إِنَّ اللَّهَ قَادِرٌ عَلَىٰ أَنْ يَنْزِلَ آيَةٌ

37} *Haa tayuu irra hedduun isaanii beekk-

وَلَكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٧﴾

omsa hin qaban, akka waan san buusun isaanii hin tolle hin beekhan, maalif odoo Rabbiin waan isaan barbaadan buusee, itti amanuu baatanii, hundi isaanii lafarraa dhabaman .

*Wannummaan lafarra yaa'u hundi,

وَمِمَّنْ دَابَّ فِي الْأَرْضِ

*Wannummaan gofla lamaanin bararu hundi

وَلَا ظَلِمَ بَطِيرٌ بِجَنَاحِهِ

*Waan biraatii mitii ummatuma akka keessaniiti kanuma Rabbiin akka isin uumetti isaan uume, kan akka isiniif waa hirutti isanifis hiru

إِلَّا أُمَّمَ أَمْثَالِكُمْ

*Kitaaba lowhgalmahgfuuuz je`amu keessa-

مَا فَرَطْنَا فِي الْكِتَابِ مِنْ شَيْءٍ

tii waanuma hunda katabuu hin dhiifne, wahayyuu wanni argamu'uu taa'u hundi lowhgii san keessatti katabamee jira, fakkeessa'aaf: abalu uuman isaa akkana, umriin isaa hangana, rizqiin isaa hangana, haalli isaa akkana jechaan katabamee dabree jira, wanni Rabbiin uume hundi akkasi ,

38} *Wanni Rabbiin uume hundi gara

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّهِمْ يُحْشَرُونَ ﴿٣٨﴾

Rabbii isaanitti deeffamu'uu teessi, wanni hundi Rabbirra fidamti, duuba Rabbiin isaan jidu'utti dubbii laala, hanga horii qulqullu'uuf horii gaafa qaburraa biilluu yookaa gadoo baasee, eega sanii biyyee tayaa je'eenii, wanni horii malkaa bineessa taye biyyee taatutti.

*Warri aayata keenya qur'aana kijibsiise

وَالَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

*Haqa dhagayu'urraa duuda', haqa dubatu'urraa afaan isaanii qabama',

صُمُّوْكُمْ

*Isaan dukkana kufri'ii keessa jiran,

فِي الظُّلُمَاتِ

*Rabbiin nama jallisuu fedhe ni jallisa,

مَنْ يَشَاءِ اللَّهُ يُضِلِّهِ

39} *Nama toltuu isaan fedhe karaa qajeela'arra kaaya, sun karaa islaamatii.

وَمَنْ يَشَأْ يُجْعَلْهُ عَلَىٰ صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٣٩﴾

*Wanni orma kuffaaratiin jettu mee naa odeessaa yoo qixaaxni Rabbii addunyaa tana keessatti isinitti dhufe, abaar faa, Rabbiin isinitti buusee

فَلِأَرَأَيْتُمْ إِنْ أَتَاكُمْ عَذَابُ اللَّهِ

*Yookaa qiyaaman, azaaba jaba'aan wajji dingatatti isinitti dhufte,

أَوْ أَتَاكُمْ السَّاعَةُ

*Si nama Rabbin tayin akka azaaba san isinirraa deebisu, yookaa rakkoo san isinirraa deemsisu yaammattanii? Nama Rabbiin tayin kan yaammattan hin argattan jechu'

أَغَيْرَ اللَّهِ تَدْعُونَ

40} *Mee yoo mukni, dhagaan namni, gabb-

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٤٠﴾

artan wahi nuu godhaa jechaa keessatti kan dhugaa dubbattan taatan, muka san yaammadhaa haa abaar isinirraa baasuu, yookaa ibidda azaabaa isinirraa haa deebisuu, dhugaa yoo taate,yoo balaan isinitti buute waan Rabbiin tayin hin yaamattan.

*Wanni isin yaammattan Rabbii tokkicha ,

بَلِإِيَّاهُ تَدْعُونَ

*Duuba yoo fedhe balaa isinirraa deemsisa

فَيَكْشِفُ مَا تَدْعُونَ إِلَيْهِ إِن شَاءَ

41} *Waan dur isatti qindeessitan hunda ni dhiiftan, ni irraanfattan, Rabbii tokkicha malee. mee akkamitti waan akkanaa Rabbitti qindeessitan?

وَتَنْسَوْنَ مَا تَشْرِكُونَ ﴿٤١﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad dhugummaan ergamoota hedduu ummata si dura dabretti erginee jirra,duuba ummanni sun ergamoota kijibsiifnan waan isaan dhufaniin irraa qeebaluu dinnaan,

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا إِلَىٰ أُمَمٍ مِّن قَبْلِكَ

*Abaar itti buufnee, ammalee dhukkuba isaanitti buufnee isaan fin'e ,

فَاخَذْنَا مِنْهُم بِالْبَأْسَاءِ وَالضَّرَّاءِ

42} *Akka laafanii, amananiif jecha.

لَعَلَّهُمْ يَنْصَرِعُونَ ﴿٤٢﴾

*Si maalif hoggaa azaabni keenya isaanitti dhufe,laafanii hin amanin? hin laafnee hin amanne jechu',odoo dantaan isaanii san keessa jirtuu

فَلَوْلَا إِذْ جَاءَهُمْ بَأْسُنَا تَضَرَّعُوا

*Haa tayuu qalbiin isaanii goggoydeeti amanuu didan

وَلَكِن قَسَتْ قُلُوبُهُمْ

43} Sheyxaanni waan isaan dalagan isaanitti bareechee,dilii yookaa cubbuu dalaganirratti goggagan.

وَزَيَّنَ لَهُمُ الشَّيْطَانُ مَا كَانُوا

يَعْمَلُونَ ﴿٤٣﴾

*Duuba hoggaa isaan balaa isaanin gorsu'uu jennee itti buufne saniin,gorfamuu dhiisanii jallina isaanii itti fufan,

فَلَمَّا نَسُوا مَا ذُكِّرُوا بِهِ

*Hulaa waan hundaa isaanii banne, waan gaarii,qananii hunda,isaanif kenninee, isaan dagu'uu jecha, wanni qananii arganneef, haqarra jirra'aafi je'anii

فَتَحْنَأُ عَلَيْهِمُ أَبْوَابَ كُلِّ شَيْءٍ

*Hanga ormi kuffaaraa waan Rabbiin isaanii kenneen gammadanii firinxiixan, yookaa qooqanitti ,

حَتَّىٰ إِذَا فَرِحُوا بِمَا أُوتُوا

*Duuba hoggaa san hoggaa takkatti dinga-tatti balaa isaanitti buufnee, waan kennineef hunda harkaa fuunee

أَخَذْنَهُمْ بَغْتَةً

44} *Duuba kheyrii hunda dhabanii, hoong-ayanii ,nagaya bayu'urraa khajeelaa muratan.

فَإِذَا هُمْ مُبْلِسُونَ ﴿٤٤﴾

*Akkasitti faanti,maayyin, warra cubbuu dalagee muramte, lafarraa isaan dhabamsiis-u'uun isaan fixu'uun

فَقُطِعَ دَابِرَ الْقَوْمِ الَّذِينَ ظَلَمُوا

45} *Galanni kan Rabbiiti, kan warra isatti amaneef dirmatee, warra isatti kafaree if galaafate lafarraa gate

وَالْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٤٥﴾

*Orma kuffaaratiin akka jettu;mee yoo Rabbiin gurra isinii kenne isinirraa fudhatee duuddan,

قُلْ أَرَأَيْتُمْ إِنْ أَخَذَ اللَّهُ سَمْعَكُمْ

*Yoo ija isinii kenne isinirraa fudhatee ja-
amtan,

وَأَبْصَارَكُمْ

*Yoo qalbii isiniif kenne daboolee waa ta-
kka beekhuu baattanii waa wallaltanii, da-
nbaarrooytan,

وَحَنَمَ عَلَى قُلُوبِكُمْ

*Eenyu namni Rabbin tayin kan waan Ra-
bbiin isinirraa fuudhe san isinii kennu , yoo-
kaa fidu? mee naa himaa? ji'in ,

مَنْ إِلَهٌ غَيْرُ اللَّهِ يَأْتِيكُمْ بِهِ

*Mee akka ati ragaa tokkummaa keenyaa
isaan agarsiifnu laali, akkatti alaamaa yoo-
kaa akeekkaa dandaytii teenyaa isaanii add-
eessinu laali

أَنْظُرْ كَيْفَ نُصَرِّفُ الْآيَاتِ

46} *Duuba isaan eega kana arganii, dhug-
o'oomsuu didanii, irraa gara galanii hin ama-
nanii laali mee.

ثُمَّ هُمْ يَصْدِفُونَ ﴿٤٦﴾

*Orma kuffaaraa kanaan akka jettu; mee
yoo azaabni Rabbi kan isin balleessu isinitti
dhufee, balaan isinitti buute

قُلْ أَرَأَيْتُمْ إِنْ أَنْزَلْنَا عَلَيْكُمُ الْمُنْزِلَ

*Dingatuma isinii ifirraa quban qabne,

بَغْتَةً

*Takkaa isinii ifirraa quba qabu yoo isinitti
dhufte, halkan takkaa guyyaa yoo isinitti
dhufte,

أَوْ جَهْرَةً

47} Warra cubbuu dalage malee,warra Rab-

هَلْ يَهْلِكُ إِلَّا الْقَوْمُ الظَّالِمُونَ ﴿٤٧﴾

biin morome malee, namni biraa wahi ba-
daa? mee naa odeessaa je'iin, isaan malee
namni biraa hin badu jechu'u

*Warra erginu hunda, warra nama amane
jannataan gammachiisu ,kan warra Rabbitti
kafare azaaban sodaachisu malee , nama
biraa hin erginu

*Duuba namni ergamoota kiyatti amanee
dalagaa tolchee, waan gaarii dalagee waan
hamtuu dhiise

*Addunya'arratti waan sodaatan hin qaban

maalif ? namni Rabbitti amanee waan gaarii dalage, Rabbiifii namarralle'ee
nagaya baye, yookaa nagaya argataa,wannumti inni sodaatu hin jirtu , waan
biraa dhiisii bineensa bosonorraayuu nagaya argata,

48} *Ammallee warri Rabbitti amanee

dalagaan isaanii tolte aakhira'atti hin rifatu,hin yaadawu, galata namni
biraa argate dhabe je'ee, hin sheenayu,waan waan fedhu hunda Rabbi-
rraa argatuuf jecha.

*Warra qur'aana keenyatti kafare,

*Azaabni isaan tuqa, ni gubatan jechu,

49} Waan isaan, yookaa sababaa isaan ka-
raa Rabbirraa bayaniif.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni isa-
anin jettu; rizqiin Rabbii na bira isiniif jirti
isiniin hin je'u ji'iin

*Ammallee waan dhufaa jiru kan narraa fa-
go'ootin beekha isiniin hin je'u, waan dhufaa
jiru kan Rabbiin na barsiise malee ji'iin

*Ammas an malaaykaadha isiniin hin je'u
ji'iin,

*An waan Rabbiin na barsiise jala deemuu
malee, waan biraaa hin qabu,

*Si warri qalbiin isaanii balla`aa kan haqan

agarreefii,warri qalbiin isaanii waa agartu, kan haqa agartu,wal qixaa? ballaan
kaafiraa, namni waa argu mu'minaa,duuba kaafiraafii mu'minni wahi wal
qixaa? wal qixaa miti jechu',

وَمَا نُرْسِلُ الْمُرْسَلِينَ إِلَّا مُبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ

فَمَنْ أَمِنَ وَأَصْلَحَ

فَلَا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿٤٨﴾

وَالَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

يَسْمُهُمُ الْعَذَابُ

بِمَا كَانُوا يَفْسُقُونَ ﴿٤٩﴾

قُلْ لَا أَقُولُ لَكُمْ عِنْدِي خَزَائِنُ اللَّهِ

وَلَا أَعْلَمُ الْغَيْبَ

وَلَا أَقُولُ لَكُمْ إِنِّي مَلَكٌ

إِن آتَيْتُمُ إِلَّا مَا يُوحَىٰ إِلَيَّ

قُلْ هَلْ يَسْتَوِي الْأَعْمَىٰ وَالْبَصِيرُ

50} *Si dubbii tana hubattanii akka wal qixan tayin beytanii hin amantanii?.

أَفَلَا تَتَفَكَّرُونَ ﴿٥٠﴾

*Qur'aana kanaan sodachisi

وَأَنْذِرْ بِهِ

*Warra waan hamtu'uun Rabbii isaanii arguu sodaatu, guyyaa boruu,

الَّذِينَ يَخَافُونَ أَنْ يُحْشَرُوا إِلَىٰ رَبِّهِمْ

*Kan Rabbi malee nama isaanif dirmatu hin qabne,

لَيْسَ لَهُمْ مِنْ دُونِهِ وَاكٍ

*Kan ammallee nama isaan shafa`u hin qabne, warri haalli isaanii akkanaa orma mu'minaa ,kan cubbuu yookaa dilii dalage, jara akkanaa kana qur'aana irratti qara'ii gorsii sodaachisi,

وَلَا شَفِيعٍ

51} *Akka dilii dhiisanii Rabbii isaanii sodaatanii waan gaarii dalaganiif .

لَعَلَّهُمْ يَتَّقُونَ ﴿٥١﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad warra Rabbii ifii ganamaafii galgala yaammatu yookaa ibaadu kan Rabbii isaanii malee ad-

وَلَا تَطْرُدِ الَّذِينَ يَدْعُونَ رَبَّهُم بِالْغَدَاةِ وَالْعَشِيِّ

يُرِيدُونَ وَجْهَهُ

dunyaa tanarraa waa takkan barbaanne, jara akkanaa kana if biraan ari'in, wanni dubbiin tun irratti dhufte;orma kuffaaraa gurgudda'aatu nabi Muhammadiin orma hiyeeyyii hoggayyuu siin marsee taa'u if biraa kaasi, isaanin wajji taa'uu qaanfanaa, yookaa saalfanaa, yoo isaan ifirraa ariite sitti dhufneeti, nuufii ati wajji teenyee haasoyna je'e ormi kuffaaraa, nabi Muhammadiin. hoggaa san Rabbiiin nabi Muhammadiin, waan if tuultonna kuffaaraa je'u, dhageessee hiyeeyyii mu'minaa, kanneen jaalala Rabbii isaanitiifii jaalala teetif sitti maxxanan ifirraa hin ari'in, kaafiraa jettee mu'mina hin miidhin, kaafira dhiyeessu'uu jettee, mu'mina ifirraan fageessin je'een,

*Ati isaanirraa hin gaafatamtuu,

مَا عَلَيْكَ مِنْ حِسَابِهِمْ مِنْ شَيْءٍ

*Isaanis waa takka sirraan gaafataman , wahayyuu Rabbirra jirtii , tanaaf jecha warra Rabbii if biraa hin fageessin,

وَمَا مِنْ حِسَابِكَ عَلَيْهِمْ مِنْ شَيْءٍ

52} *Duuba orma mu'minaa kana yoo ifirraa fageessite, sababaa saniin warra cubbuu dalagerraa taataa beekhi.

فَطَّرْهُمْ فَتَكُونُ مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿٥٢﴾

*Akkasitti garii isaanii gari`iin mokkorre

وَكَذَلِكَ فَتَنَّا بَعْضَهُم بِبَعْضٍ

dureessa hiyeessan mokkorree, akkasuma nama gurra guddaa qabu, nama gurra guddaan qabneen mokkorre, nama hiyeessa nama dureeysa dura qajeelchu'uun, nama laafaa nama jajabaa dura qajeelchu'uun ,

*Akka warri if tuulufii dureeyyin , si orma

لَيَقُولُوا أَهْؤُلَاءِ مِنَ اللَّهِ عَلَيْهِمْ مِنْ بَيْنِنَا

hiyyeeyyii kana,Rabbiin nu keessaa qananiisee isaan qajeelchaa je'aniif,akkana jechuun isaanii ormi hiyyeeyya'ii qajeello'orra hin jiru ,odoo wanni isaan irra jiran qajeelloo taatee silaa nu dura ittin seenan jechu', duuba Rabbiin akka je'een; 53} *Si Rabbiin isa nama galata isaa galchu

أَلَيْسَ اللَّهُ بِأَعْلَمَ بِالشَّاكِرِينَ ﴿٥٣﴾

kan isa qajeelchuu haqa godhatu akkaan beekhuu mitii ? Akkana jechuun dhu-gaan, namni dureessafii hiyyeeyyisarraa nama qajeelchuu haqa godhatu addaan beekhu Rabbi jechu.

*Hoggaa warri Rabbitti amane sitti dhufe, warri qur'aanatti amane,

وَإِذْ أَجَاءَكَ الَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِآيَاتِنَا

*Nageenyi isinirratti haa jiraatuu je'iinii, dhiyeessii,

فَقُلْ سَلَامٌ عَلَيْكُمْ

*Rabbiin keessan rahgmata isinii godhuu ifirraa kaayee jiraa, wanni rahgmata isaa be- ysisu,

كَتَبَ رَبُّكُمْ عَلَى نَفْسِهِ الرَّحْمَةَ

*Namni isinirraa waan hamtuu wallaalan dalage,

أَنَّهُ مَنْ عَمِلَ مِنْكُمْ سُوءًا بِجَهْلَةٍ

*Duuba eega dalagee gara Rabbii isaa dee- bi'ee araara isarra barbaade,

ثُمَّ تَابَ مِنْ بَعْدِهِ

*Kan waan balleesse tolche,

وَأَصْلَحَ

54} Rabbiin isaaf araaramaa rahgmata isaa godha, Rabbiin kan namaaf araaramee rahg- mata namaaf godhu.

فَأَنَّهُ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٥٤﴾

*Akkasitti aayata karaa diinaa keessanii adda siif babaafna,

وَكَذَلِكَ نَقُصُّ الْأَيَّاتِ

55} *Akka ammallee karaan warra bada'aa siif mul'atee,irraa fagaattu'uufi sii dubbane.

وَلِتَسْتَبِينَ سَبِيلَ الْمُجْرِمِينَ ﴿٥٥﴾

*Ormi kuffaaraa kan koottaa waan Rabbin tayin gabbari siin je'uun akka jet tu; an waan Rabbin tayin ,kan isin ibaaddan ibaadu'urraa dhoowwame ji'iin,

قُلْ إِنِّي نُهَيْتُ أَنْ أَعْبُدَ الَّذِينَ تَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*An jallina keessan jala deemee, waan Rabbii guddaan tayin hin gabbaru,

قُلْ لَا أَتَّبِعُ أَهْوَاءَكُمْ

56} *Yoon kanan isin jala deemee, muka isin ibaaddan ibaadu taye,an nama jallate malee waa nama qajeelerraayii miti je'iin.

فَدَّ ضَلَكْتُ إِذَا وَمَا أَنَا مِنَ الْمُهْتَدِينَ ﴿٥٦﴾

*Akka jettuun an karaa ifaa Rabbiin naa kenne kan qajeelloo na barsiisurrattin jira ,

*Kan isin Rabbitti kafartanii jirtan, waan inni uume isatti qindeessitanii Rabbi kijib-siifan,

*Azaabni isin jarjarsiifattan na bira hin jiru, qixaaxa isin barbaaddan; mee yoo jallinarra jiraanne Rabbiin azaaba nutti haa buusu jettanii, azaabni kun harka kiyya hin jiru,

*Murtiin sanii, harka Rabbiiti jirti,

*Inni haqa dubbata haqaan dubbii mura,

57} *Rabbiin irra caalaa warra firdii godhuuti, yookaa waa muruuti.

*Odo azaabni isin barbaaddan na harka jiraatee,

*Silaa firdiin naafii isin jiddu`utti godhamtee ,addaan baanee,azaaba isin barbaaddan isinitti buusee isinirraa hara baafadhaa, haatayuu sun waan Rabbiin harkaa qabu ji`iin,

58} *Rabbiitu warra waa ba llesse waytii isaan qixaaxu beekhaa,anin beekhu je`iin.

*Furaan,yookaa karaan waan dhufaa jiru beekhu`uu Rabbi bira jira,

*Waan dhufaa jiru san Rabbi malee namni

biraa hin beekhu. wanni dhufaa jiru tan Rabbi malee namni biraa hin beyne
Tokkoffaan : waan boru argamu Rabbi malee namni biraa hin beekhu,
Lammeysan : waan gadaameysa keessa jiru Rabbi malee namni biraa hin beekhu,

Sadeessan : gaafa qiyaaman dhaabbattu Rabbi malee namni biraa hin beekhu ,
Afreessan : lubbuun namaa bekka itti duutu ifin beytu,

Shaneessan : waytii roobni bu`u Rabbi malee namni biraan beekhu ,hanga inni tayeefii bakka inni itti bu`uufii hanga hafe,

*Rabbiin waan lafarratti arga mu hunda ni beekha ,

*Ammallee waan bahara keessatti argamu hunda ni beekha, takkaa waan diida gammoojji`ii keessatti argamuufii waan gandoottii bishaanirra jiru keessatti argamu ni beekha

قُلْ إِنِّي عَلَىٰ بَيِّنَةٍ مِّن رَّبِّي

وَكَذَّبْتُم بِهِ

مَا عِنْدِي مَا اسْتَعْجَلُونَ بِهِ

إِنَّ الْحُكْمَ لِلَّهِ

يُقْضَىٰ الْحَقُّ

وَهُوَ خَيْرُ الْفَاصِلِينَ ﴿٥٧﴾

قُلْ لَوْ أَنِّي عِنْدِي مَا اسْتَعْجَلُونَ بِهِ

لَقُضِيَ الْأَمْرُ بَيْنِي وَبَيْنَكُمْ

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِالظَّالِمِينَ ﴿٥٨﴾

﴿٥٨﴾ وَعِنْدَهُ مَفَاتِحُ الْغَيْبِ

لَا يَعْلَمُهَا إِلَّا هُوَ

وَيَعْلَمُ مَا فِي الْبُرِّ

وَالْبَحْرِ

jechu'u,

*Baala mukarraa cite bu'u hunda, Rabbiin ni beekha, bakka itti bu'eefii hanga bu'e hunda ni beekha, isaatu uumee silaa akkamiin namni waan uume wallaala,

*Firiin mukarraa ammallee midhaanirraa dukkana keessa lafa buutu hundi,

*Wanni jiidhatiifii, wanni goggogaan hundinuu,

59} *Kitaaba wahayyuu ibsu keessa jirti,

sun lawhgalmahgfuuuzgii , akkana jechuun firiin mukarra jirtuufii tan irra buute hundi, bakkeen isiin irraa buutefii bakkeen isiin itti buute hundi, hangi mukni jireenyan taa'ufii, hangi itti du'ee goggogu hundi Rabbi biratti beekkama'a jechu.

*Rabbiin isa halkan isin raffisu, isa hoggaa raftan lubbuu teessan isin keessaa fuudhu,

*Rabbiin waan isin guyyaa dalaydan ni beekha {jarahgtum} jechuun dalaydan jechu

*Eega raftanii, Rabbiin isin dammaysa, lubbuu isin keessaa baase, isinitt deebisee, guyyaa keessa,

*Hanga namuu umriin Rabbiin isaa katabe dhumtee, du'utti rafumaafii dammaqu'uun, dalagu'uun umriin dhumti,

*Eega duutanii bakki itti deebitan gara Rabbiiti, namuu gara Rabbiiti yaa'a,

60} *Eega gara isaa debitanii Rabbiin waan isin dalaydan isin beysisu'uu jiraata ,nama gaarii dalageef jannata kennee, kan hamtuu dalage qixaaxee.

*Rabbiin kan gabroottan isaa hundaa oliiti, beekkomsa'aafii humnaafii, akkasuma waan biraa hundaan ,

*Malaaykaa dalagaa teessan eeydee katabdu isinitti erga,

*Hanga hoggaa tokkoo keessanitti duuti dhuftee ergamoonni keenya, malaaykan lubbuu nama keessaa fuudhu`uu godhamte lubbuu teessan isin keessaa fuutitti hanga hoggaa umriin namaa dhumtee duuti dhuftee malaaykan ruuhii fuututti jechu,

وَمَا تَسْقُطُ مِنْ وَرَقَةٍ إِلَّا يَعْلَمُهَا

وَلَا حَبَّةٌ فِي ظِلْمَتِ الْأَرْضِ

وَلَا رَطْبٌ وَلَا يَابِسٌ

إِلَّا فِي كِتَابٍ مُّبِينٍ ﴿٥٩﴾

وَهُوَ الَّذِي يَتَوَفَّاكُمْ بِاللَّيْلِ

وَيَعْلَمُ مَا جَرَحْتُم بِالنَّهَارِ

ثُمَّ يَبْعَثُكُمْ فِيهِ

لِقَضَىٰ أَجَلٍ مُّسَمًّى

ثُمَّ إِلَيْهِ مَرْجِعُكُمْ

ثُمَّ يَنْبِئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٦٠﴾

وَهُوَ الْقَاهِرُ فَوْقَ عِبَادِهِ

وَيُرْسِلُ عَلَيْكُمْ حَفَظَةً

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَ أَحَدَكُمْ الْمَوْتُ تَوَفَّتْهُ رُسُلُنَا

61} *Isaan waan Rabbiin itti isaan ajaje hin ir'isan ,malaaykonni lubbuu fuutu waan Rabbiin isaanii itti ajaje akkuma inni itti ajajetti dalaga'arra oolchan.

وَهُمْ لَا يَفْرُطُونَ ﴿٦١﴾

*Eega sanii gara Rabbii isaa nii kan haqatti deeffaman, akka waan dalagan isaan gaafatuuf,

ثُمَّ رُدُّوْا إِلَى اللَّهِ مَوْلَاهُمُ الْحَقِّ

*Hukmiin, yookaa firdiin tan Rabbiitii, isatu gabroottan isaa jiddu'utti dubbii mura

أَلَا لَهُ الْحُكْمُ

62} *Rabbiin kan dafee dubbii laalee fixu, warra waa firdii godhu hundarra, Rabbiin hanga wal'akkaa guyyaa tokkoo keessatti dubbii gabroottan isaa hunda laalee fixa.

وَهُوَ أَسْرَعُ الْحَسِيبِينَ ﴿٦٢﴾

*Orma kuffaaratiin akka jettu; namni cinqii dukkana lafaatifii dukkana bahara keessatti isinitti dhufurraa nagaya isin baasu eenyu ji'iin?

قُلْ مَنْ يَنْجِيكُمْ مِنْ ظُلْمَتِ الْبَرِّ وَالْبَحْرِ

*Kan hoggaa balaan isinitti buute rakkoon lafaafii bahar keessatti, isinitti dhufte ,suma yaamattan,dirree baaftanii, ammallee dhoy-sa'aan,

نَدْعُوْهُ نَضْرَعًا وَخَفِيَّةً

*Kan yoo Rabbiin balaa tana jalaa nu baase

لَئِنْ أَنْجَيْنَا مِنْ هَٰذِهِ

63} *Itti amanneeti warra galata Rabbiif galchurraa taana jettan, eenyu namni balaa san jalaa isin baasu ji'iin.

لَتَكُوْنَنَّ مِنَ الشَّاكِرِينَ ﴿٦٣﴾

*Yoo isaan deebisaa sii kennuu baatan,

قُلْ اللَّهُ يَنْجِيكُمْ مِنْهَا وَمِنْ كُلِّ كَرْبٍ

wanni jettuun; namni rakkoo saniifii tan biraa hundarraa nagaya isin baasu Rabbuma isin uume , wanni isin Rabbitti qindeessitan waa takka isinii hin tartu,

64} *Duuba kanumaan wajji kanuma Rabbiin tola isaanii oolee rakkoo jalaa isin baase, itti amanuu diddanii, waa isatti qindeessu'utti deebitan kun waan nama ajaa'ibu ji'iin.

ثُمَّ أَنْتُمْ تُشْرِكُونَ ﴿٦٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma kuffaaraa kanaan akka jettu;Rabbiin azaaba mataan keessan gubba'aa isinitti buusuu dandaya, waan akka bakhakka'aa faa, isinitti buusee

قُلْ هُوَ الْقَادِرُ عَلَىٰ أَنْ يَبْعَثَ عَلَيْكُمْ عَذَابًا مِنْ فَوْقِكُمْ

*Ammas azaaba miila keessan jalaa isinitti baasuu,yookaa fiduu dandaya,dachiin faan, isiniin baqayxee, takkaa isiniin sossotee gara galtee,

أَوْ مِنْ تَحْتِ أَرْجُلِكُمْ

*Takkaayuu tuuta adda addaa, tan yaanni adda addaa isin godhee,walitti isin makhee,
*Gariin keessan miidhaa garii keessanii

أَوْ يَلِسِكُمْ شِيعًا

وَيَذِيقَ بَعْضُكُم بَأْسَ بَعْضٍ

dhandhamsiisuu dandaya, mala keessan wal dhabsiisee, wal isin lolchiisee,wal isin ficcisiisee,duuba mee akkamiin azaaba Rabbii isin uume kan dandaytii akkanaa qabu jalaa bayuu dandeessan, karaan azaaba Rabbii jalaa itti baataniin isatti amanuu qofaa,itti amanaa, mukaan Rabbin je'inaa,namaan Rabbin je'inaa hundinuu waan Rabbiin akka isin uumetti uumee,

*Mee akkatti alaamaa yookaa akheekkaa dandaytii teenyaa,tokkummaa teenyaa, addaan babaafnee isaanii dandeessinu laali,

أَنْظُرْ كَيْفَ نُصَرِّفُ الْآيَاتِ

65} *Akka diinaa Rabbii baranii waan gaarii dalaganii, waan hamtu'urraa fagaataniif, akka sababaa saniin qixaaxa Rabbii jalaa bayaniif jecha .

لَعَلَّهُمْ يَفْقَهُونَ

*Yaa ergamaa kiyya uhammad gosti tee, qureyshiin ,qur'aana kijibsiifte itti amanuu diddee?

وَكَذَّبَ بِهِ قَوْمُكَ

*Odoonni dhugaa tayuu,

وَهُوَ الْحَقُّ

66} *Wanni isaanin jettu;an isin qixaax-

قُلْ لَسْتُ عَلَيْكُمْ بِوَكِيلٍ

u'uuf wakiila isinirratti hin godhamne,wanni narra kaayame,karaa gaari'itti isin yaamu',karaa hamaa hundarraa isin dhoowwu, diinaa Rabbii isinitti geessu', ammoo qajeelu'uufii qajeeluu dhabuun keessan harka Rabbiiti jirti, namni Rabbiin qajeelloo isaa fedhe ni qajeela, namni Rabbiin qajeelloo isaan hin fedhin hin qajeelu

*Waan odeeffame hundaaf waytii keessatti wanni sun argamtuutu jira, duuba azaabni keessan waytii keessa isinitti dhufu qaba, kan waytii san dura hin dabarre, kan irraa boodan aanne,

لِكُلِّ نَبِيٍّ مُسْتَقَرٌّ

67} *San beekhu'uuf jiraattan.

وَسَوْفَ تَعْلَمُونَ

*Hoggaa warra qur'aana keenya waan hamtu'uun dubbatutti seene, yookaa maqaa dha-

وَإِذَا رَأَيْتَ الَّذِينَ يَخُوضُونَ فِيءِ آيَاتِنَا

wu'utti seene agarte,

*Biran taa'inii biraa ka'i, takkaa irraa maqi,

فَأَعْرَضَ عَنْهُمْ

*Hanga isaan waan biraa haasawu'utti seenanitti, waan isaan hamtu'uun qur'aana dubbataniin wajjiin hin taa'in,

حَتَّىٰ يَخُوضُوا فِي حَدِيثٍ غَيْرِهِ

*Yoo sheyxaanni si irraanfachiisee, irraanfi'in wajjiin teesse,

وَأَمَّا يُنْسِيَنَّكَ الشَّيْطَانُ

68 *Eega yaadattee biraa ka'i, warra balleessee badeen wajji hin taa'in, nama bada'aan wajji taa'un nama balleessitii, akkuma nama gaari'in wajji taa'un nama tolchitu.

فَلَا تَقْعُدْ بَعْدَ الذِّكْرِىٰ مَعَ الْقَوْمِ

الظَّالِمِينَ ﴿٦٨﴾

*Warri Rabbi sodaatu yoo dirqiin warra Rabbin sodaannen wajji isaan teaysifte diliiin jara sanii isaan hin tuyxu,

وَمَا عَلَى الَّذِينَ يَتَّقُونَ مِنْ حِسَابِهِمْ مِنْ شَيْءٍ

*haa tayuu wanni warra rabbi sodaturratti jiru warra Rabbin sodaanne san gorsuu', qixaaxa isaan mudatu'uu taa'u isaan yaadachiisu,

وَلَكِنْ ذَكَرُوا

69 *Akka sodaatanii diinaa Rabbii tuquu, yookaa hamatuu dhiisani'iif jecha .

لَعَلَّهُمْ يَتَّقُونَ ﴿٦٩﴾

*Warra diinaa isaanii tapha godhate,

وَدَرِ الَّذِينَ أَتَّخَذُوا دِينَهُمْ لَعِبًا وَلَهْوًا

*Kanneen jiruun addunya`aa isaan gowwoomsitee aakhiraa isaan irraanfachiifte, ifirraa itti dhiisi ittin dubbatin hanga mijjeeyfattutti,

وَعَرَنَّهُمُ الْحَيَاةُ الدُّنْيَا

*Qur'aanan nama gorsi ,

وَذَكَرِيهِ

*Akka lubbuun isaanii hin banne, {tubsala} jechuun; hin kennamne jechu,

أَنْ تَبْسَلَ نَفْسٌ

*Sababaa waan dalaydeetif

بِمَا كَسَبَتْ

*Kan Rabbii achitti namni isi'ii dirmatu hin jirre,

لَيْسَ لَهَا مِنْ دُونِ اللَّهِ وَلِيٌّ

*Kan namni isii shafa'ee azaaba Rabbii san irraa dhoowwu hin jirre,

وَلَا شَفِيعٌ

*Lubbuun odoo azaaba jalaa bayu'uu jecha , wahayyuu kennitee,

وَإِنْ تَعَدَلَ كُلُّ قَدَلٍ

*Wanni isiin ifiin bituudhaa yookaa azaaba jalaa if baasuudhaa kennitu irraa hin qeeba-

لَا يُؤَخِّدُ مِنْهَا

lamu takkaa hin fuudhamu,

*Jarri sababaa waan dalaganiitif badan sun

أُولَئِكَ الَّذِينَ أُبْسِلُوا بِمَا كَسَبُوا

*Waan dhugan,kan bishaan akkaan oow'urraa tayeetu, isiniif jira,

لَهُمْ شَرَابٌ مِّنْ حَمِيمٍ

*Ammas azaaba isaan laalessuutu isaanif jira

وَعَذَابٌ أَلِيمٌ

70} *Sababaa isaan Rabbitti kafaranii yookaa Rabbii isaan uumen moromaniif jecha

بِمَا كَانُوا يَكْفُرُونَ ﴿٧٠﴾

*Orma kuffaaraa kanaan akka jettu; si Rabbii guddaa dhiifneti isaa achitti waan yoo gabbarre nuun tolle gabbaraa? Takkaayuu ibaannaa? yaammannaa ji'in,

قُلْ أَدْعُوا مِن دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَنْفَعُنَا

*Waan yoo gabbaruu dhiifne ni dararre

وَلَا يَضُرُّنَا

yookaa nun miine gabbaraa ji'in,wanni yoo gabbaran namaan tolle, tan yoo isa gabaruu dhiisan naman cubbifne, muka yookaa dhagaa isaan Rabbi je'anii gabbaran,

وَنُرَدُّ عَلَىٰ أَعْقَابِنَا بَعْدَ إِذْ هَدَيْتَنَا اللَّهُ

*Ammas wanni jettuun; si eega Rabbiin haqa nu garsiisee nu qajeelcheeyii deebinee mukaaffii dhaga'aan Rabbi jennaa ammallee nama akka keenyatti Rabbiin uumen Rabbi jennaa? Ji'in,

*Akka nama sheyxaanni jallisee kara'arraa maysetti,

كَأَلَيْكَ أَصْحَابُ الشَّيْطَانِ فِي الْأَرْضِ

*Kan dhama'ee olii gad deddeemu, kan garan deemaa hin beyne,

حَيْرَانَ

*Namichi karaa bade,sun kan waa heloota qabu warra isaan wajji yaa'u qabu, kan isaan kootta karaa qajeelo'otti deebi'i je'anii isa yaaman,

لَهُمْ أَصْحَابٌ يَدْعُونَهُ إِلَىٰ الْهُدَىٰ

*Nutti dhufi,ati kara'arraan jirtuu, karaan

أَتَيْنَا

kan nuti irra jirru kanaa je'anii itti lallaban, kan inni waan isaan je'an dhagayuu didu, hanga kara'arraa fagaatee badutti, duuba nuti akka nama sanitti qur'aana karaa haqatti nu yaamu dhagayuu dinnee kara'arraa mayn'ee bannaa? akkas hin taanu ji'in,

*Karaan haqaa karaa Rabbiiti ji'in, sun karaa islaamatii,wanni isan tayin hundi jallina,

قُلْ إِنَّكَ هُدَىٰ اللَّهُ هُوَ الْهُدَىٰ

71} *Rabbi waan hunda uumef if kennu'utti ammaramne yookaa ajajamne.

﴿٧١﴾ وَأَمْرًا نَّالِئْسَلِمَ لِرَبِّ الْعَالَمِينَ

*Ammas salaanee Rabbi sodaatu'utti ajaj-amne,

وَأَن أَقِيمُوا الصَّلَاةَ وَآتَوْهُ

72} *Rabbiin nuti gabbarru isa guyyaa qiy-aama'aa gaafatamu'uu jecha biratti walitti qabamu'uu teessan.

وَهُوَ الَّذِي إِلَيْهِ تُحْشَرُونَ ﴿٧٢﴾

*Isa haqaan sami'ii dachiin uume,

وَهُوَ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ

*Guyyaa Rabbiin wahiin tayi je'ee, wanni inni tayi je'een sun hoggasuma taatu duba-dhu sun guyyaa qiyaama'aatii, kan waan uumen qabri'ii ka'aa je'ee ka'an,

وَيَوْمَ يَقُولُ كُن فَيَكُونُ

*Wanni inni je'e dhuga'aa argamuun ooltu,

قَوْلَهُ الْحَقُّ

*Mootummaan, qabeenyi kan Rabbiiti,

وَلَهُ الْمَلَكُ

*Guyyaa garriin lameysa`aa afuufamtu

يَوْمَ يُنْفَخُ فِي الصُّورِ

ka mootummaa Rabbi malee mootummaan nama biraa hin jirre, garriin hoggaa lama afuufamti, takka ta wahayyuu ajjeefu, takka tan wahayyuu khaaftu, kan afuufu israafiili,

*Rabbiin kan waan fago'oofii dhiyo'ollee beekhu, kan waa takkalleen isarraan dhokhanne,

عَلَيْهِمُ الْعَيْبِ وَالشَّهَادَةِ

73} *Rabbiin kan waan akka qabu dalagu, yookaa hikmaa qabu, kan wahayyuu keessa beekhu.

وَهُوَ الْحَكِيمُ الْخَبِيرُ ﴿٧٣﴾

*Waan nabi ibraahiim abbaa isaa kan {aazur} je'amu tokkon je'e dubbadhu; wanni inni abbaa isaatin, takkaa adeera isaatin je'e;

وَإِذْ قَالَ لِأَبِيهِمْ لِأَبِيهِمْ أَا زَرَّ

*Si {asnaama} yookaa muka, yookaa dhagaa, yookaa namaan Rabbi jettee gabbartaa ? qabattaa ? Rabbi achitti,

أَتَتَّخِذُ أَصْنَامًا ءَالِهَةً

74} *An siifii ummata kee akka waan Rabbin tayin gabbaruudhan jallina mul'ataa keessan jirtanan isin argaa ji'in.

إِنِّي أَرَأَيْتَكَ وَقَوْمَكَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٧٤﴾

*Akkasuma ,

وَكَذَلِكَ

*Waan Rabbiin sami'ifii dachii keessa qabu takkaa waan isaan lamaan keessa tti uume garsiifna, akka ragaa tokkummaa keenyaa godhatuuf,

رَأَى لِأَبِيهِمْ مَلَكُوتَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

75} *Ammallee akka itti amanuuf.

وَلَيْكُونَ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٧٥﴾

*Duuba hoggaa halkan seenee itti dukkanaawu,
*Urjii takka argee,

فَلَمَّا جَنَّ عَلَيْهِ اللَّيْلُ

رَأَى الْكُوكِبَاتُ

قَالَ هَذَا رَبِّي

*Akka isin jettan urjiin tun Rabbii kiyya hayyee ummata isaatin je'e, isaan warra akkaan urjii beekhuu,

76} *Urjiin inni Rabbii kiyya je'een, hoggaa

فَلَمَّا أَفَلَ قَالَ لَا أُحِبُّ الْآفِلِينَ ﴿٧٦﴾

seentu yookaa lixxu lakki an waan seenu Rabbi godhatuun jaaladhu je'een, maalif bayu'uu fii seenun haala waan uumameeti malee haala Rabbiitii miti, Rabbiin hin jirjiiramuu wanni nabi ibraahiim kana dalageef akka wanni ummanni isaa Rabbii achitti gabbaru Rabbin tayin isaan garsiisu'uufi, duuba isaan kanaan qajeeluu dinnaan, tokkummaa Rabbii isaan gad seensisu'uu jecha dubbii biratti dabre.

*Sun hunoo tana tanaaf hoggaa ji'a bayu argu,

فَلَمَّا رَأَى الْقَمَرَ بَازِعًا

*Inni kun Rabbii kiyya je'e,

قَالَ هَذَا رَبِّي

*Duuba hoggaa jiini deemee,lixu,lakki kunis waa Rabbii miti Rabbiin hin jirjiiramuu je'ee,

فَلَمَّا أَفَلَ

*Wanni je'e,

قَالَ لَيْنَ

*Rabbiin na uume yoo karaa isaa nan qajeelchin ,

لَمْ يَهْدِنِي رَبِّي

77} *Warra waan Rabbin tayiniin Rabbi

لَأَكُونَنَّ مِنَ الْقَوْمِ الضَّالِّينَ ﴿٧٧﴾

je'ee cubbuu dalagerraan tayaa, Rabbi na haa qajeelchu je'e, wanni nabi ibraahiim akkana dalageef akka itti jallinarraa deebi'anii karaa haqaa barbaadan isaan garsiisu'uufi haa tayuu tanaanis hin qajeello.

*Ammas nabi ibraahiim hoggaa aduu baatu argu kanaatu Rabbii kiyya je'e,

فَلَمَّا رَأَى الشَّمْسَ بَازِعَةً قَالَ هَذَا رَبِّي

*Kun ji'aafii urji'irra guddaadhaa je'e,

هَذَا أَكْبَرُ

*Duuba aduun seennan, ragaan tokkummaa Rabbii ummata isaatii mul'annaan sanummaan wajji jallinarraa deebi'uu dinnaan,

فَلَمَّا أَفَلَّتْ

78} *Yaa ummata kiyya an waan isin

قَالَ يَنْقُورُ إِنِّي بَرِيءٌ مِّمَّا تُشْرِكُونَ ﴿٧٨﴾

Rabbitti qindeesitanirraa qulqulluu, waan,harka keessaniin tolchitan sanama, waan Rabbiin uumee,baasee seensisu, kan akka urji'ii kan akka ji'aa adu'uutin Rabbi hin je'u,maalif wanni kun hundi waan Rabbiin baasee seensisu'utti haajamu, wanni wahitti haajamu Rabbin taatu ,Rabbiin dureessan haajamne kan wahiin hin gargaarsifanne,maalif wahitti haajamuun ir'ummaa beysifti, Rabbiin guutuu ir'uun isaan hin mallee, duuba ummanni isaa yoo sanama nuti ibaanu ibaaddu baatte maali wanni ati ibaaddu? yaa ibraahiim je'anii gaafannaan, akki je'een .

*An fuula dalagaa tiyyaa gara galche,

إِنِّي وَجَّهْتُ وَجْهِيَ

*Rabbii sami'ii dachii uumetti ,

لِلذِي فَطَرَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Anaa gara diinaa qajeello'oo jallate, yookaa cite,

حَنِيفًا

79} *An nama Rabbitti waa qindeessuu miti je'e.

وَمَا أَنَا مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٧٩﴾

*Inni akkana jennaan ormi isaa isaan moromee,yoo asnaama nuti gabbaru gabbaruu baatte, si cubbiftii bala'aatu sitti bu'aa beekhi je'anii, sodaachisan,

وَحَاجَّهُ قَوْمَهُ

*Isaan akkana jennaanin wanni isaanin je'e;si isin tokkummaa Rabbii keessatti naan falamtanii? muka isin ibaaddaniin na sodachiftanii? odoo Rabbiin na qajeelchee jiruu?

قَالَ اتَّخَذُونِي فِي اللَّهِ وَقَدْ هَدَانِ

*Waan isin naan sodaachiftan tan Rabbitti qindeessitan, waa takka wahi na gootii hin sodaadhu,waan isiin waa takka balleessuu hin dandeenyef,

وَلَا أَخَافُ مَا تُشْرِكُونَ بِهِ

*Ammoo Rabbiin bala'aan na tuquu yoo fedhe, wanni inni fedhe hin oolantu ni taati,

إِلَّا أَن يَشَاءَ رَبِّي شَيْئًا

*Rabbiin kan beekkomsii isaa waa hundaaf bal'atu, kan waa takka isarraa hin dhokhanne,

وَسِعَ رَبِّي كُلَّ شَيْءٍ عِلْمًا

80} *Si akkana beytaniin hin amantaniin?

أَفَلَا تَتَذَكَّرُونَ ﴿٨٠﴾

*Mee akkamittan waan isin Rabbitti qindeessitan, tan waa takka naman goone ta wallee namaan goone sodaadha,

وَكَيْفَ أَخَافُ مَا أَشْرَكْتُمْ

*Kan isin Rabbirraa hin sodaanne,

وَلَا تَخَافُونَ

*Kan Rabbiif masaanuu gootan, waan isan tayin ibaadu'uun,

أَنْتُمْ أَشْرَكْتُمْ بِاللَّهِ

*Waan Rabbiin ibaadaa yookaa gabaraa je'ee ragaa isinirratti hin buusin, kan Rabbiin isin dubbii isaa dhagayuu diddan, wahayyuu dandayu,

مَا لَمْ يُنَزَّلْ بِهِ عَلَيْكُمْ سُلْطَانًا

*Duuba mee nuufii isinirraa eenyu namni nagaya, yookaa najaa bayuu haqa godhatu,

فَأَيُّ الْفَرِيقَيْنِ أَحَقُّ بِالْأَمْنِ

81 } *Yoo kan waa beytan taatan, namni nagaya haqa godhatu nama Rabbii isa uumetti waan qindeessini.

إِنْ كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨١﴾

*Warri Rabbitti amane, kan iimaana isaanii Rabbitti waa qindeessu'utti hin makhin ,

الَّذِينَ ءَامَنُوا وَلَمْ يَلْبِسُوا إِيمَانَهُمْ بِظُلْمٍ

*Isaan sun warra azaaba Rabbirraa nagaya bayuun isaanii muramte,

أُولَئِكَ هُمُ الْآمِنُونَ

82 } *Isaan warra qajeete.

وَهُمْ مُّهْتَدُونَ ﴿٨٢﴾

*Wanni nabi ibraahimifii orma isaa jidd-u'utti argame sun,

وَتِلْكَ

*Ragaa yookaa immaanyii tokkummaa keenyati,

حُجَّتُنَا

*Kan nabi ibraahiimii kennine, akka orma isaan falamurratti ragaa isaaf taatu, akka ummanni isaa isaan qajeeluf,

ءَاتَيْنَاهَا إِبْرَاهِيمَ عَلَى قَوْمِهِ

*Darajaa nama feenetti ol fuuna, beekkom-saafii waan biraa keessattillee,

نَزَعْنَا مِنْ دَرَجَاتٍ مَن نَّشَاءُ

83 } *Rabbiin kee kan waan gara qabu dalagu, kan namuufuu waan isaan malu beekhu.

إِنَّ رَبَّكَ حَكِيمٌ عَلِيمٌ ﴿٨٣﴾

*Nabi ibraahiimif kenninee jirra,

وَوَهَبْنَا لَهُ

*Ilma maqaan isaa {ishgaaq } je'amu,

إِسْحَاقَ

*Ammas ilma ilma isaa kan {yakgquub} ilma ishgaq je'amu isaaf kennine

وَيَعْقُوبَ

*Isaan hunda karaa haqaa qajeelchinee jirra,

كُلًّا هَدَيْنَا

*Ammoo {Nuuhg} nabi ibraahiim dur qajeelchinee ergine .

وَنُوْحًا هَدَيْنَا مِن قَبْلُ

*Ilmaan nuuhgirraa tokko nabi {daawuudi} ,

وَمِن دُرِّيَّتِهِ دَاوُدَ

*Ammas nabi {sulayman} ilma daawuudi

وَسُلَيْمَانَ

*Ammas warra Rabbiin qajeelche ergerraa tokko nabi {ayyuubi} kan obsaan beekkame,

وَأَيُّوبَ

*Ammas nabi {yuusuf} ilma {yakgquub} , ergine

يُوسُفَ

*Ammas nabi {muusa'aafii} obboleessa isaa nabi {haaruuni} warri Rabbi qajeelche

مُوسَىٰ وَهَارُونَ

84 *Akka jara kana badhaa fnetti, warra tole oolu hunda badhaafnee qajeelchne.

وَكَذَٰلِكَ نَجْزِي الْمُحْسِنِينَ ﴿٨٤﴾

*Warra qajeelchinerraa amas nabi {zakariyyaa} ,

زَكَرِيَّا

*Ammas ilma isaa nabi {yahgyaa} ,

يَحْيَىٰ

*Ammas warra qajeelchinerraa tokko nabi {kgiisaa ilma maryam} ,

وَعِيسَىٰ

*Ammas nabi {ilyaasi} inni ilma haaruuni obboleessa nabi muusa'aa,

وِإِلْيَاسَ

85 *Jarri kun hundinuu warra tolerraayi

كُلٌّ مِّنَ الصَّالِحِينَ ﴿٨٥﴾

*Ammas warra qajeelchinee erginerraa tokko nabi {ismaakgiil} ilma nabi ibraahiim

وِإِسْمَاعِيلَ

*Ammas nabi {yasa'} ,

وَالْيَسَعَ

*Ammas nabi {yoonis} ilma matta'aati,

يُونُسَ

*Ammas nabi {luux} ilma obboleessa nabi ibraahiim,

وَلُوطًا

86 *Jara dubbanne kana hunda waan birarraa caalcifnee jirra, anbiyaa isaan godhudhan.

وَكُلًّا فَضَّلْنَا عَلَى الْعَالَمِينَ ﴿٨٦﴾

*Abbootii jara dubbaneetifii, ilmaan isaantiifii obboleeyyan isaanirraa nama qajeelchineetu jira,

وَمِن آٰبَائِهِمْ وَذُرِّيَّاتِهِمْ وَإِخْوَانِهِمْ

*Isaan marax'neeti, yookaa fillaneeti,

وَاجْتَنِبْتَهُمْ

87 *Karaa haqaa diriiraa isaan qajeelchine.

وَهَدَيْتَهُمْ إِلَىٰ صِرَاطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٨٧﴾

*Karaan nuti anbiyoota qajeelchine sun,

ذَٰلِكَ

*Diinaa Rabbiiti qajeelloo isaati,

هُدَىٰ اللَّهِ

*Diinaa saniin Rabbiin nama fedhe karaa haqaa, karaa jannataa qajeelcha,

*Warra nuti qajeelchine, anbiyoonni sun odoo tokkummaa Rabbii isaanii yaaduu batanii Rabbitti waa qindeessanii,

88 } *Waan isaan dalagan hundi harkaa baddeti silaa khasaaraman, haa tayuu isaan sanirraa fago'o .

*Anbiyoonni dubbanne sun warra kitaabban isaanii kennine ,

*Warra dubbii yookaa murtii qajeelchuu isaanif kennine,

*Warra anbiyummaa isaanif kennine,

*Yoo warri makkaa waan sadeen duban ne kanatti kafare, wanni sadeen kitaaba Rabbiiti, murti anbiyoota ,ergamoota Rabbii, duuba yoo sadeen kana qeebaluu didan,

*Waan sadeen kanaaf qopheessinee jirra

89 } *Warra waan sadeen sanitti hin kafarre, isaan muhaajirootafii ansaarotaa.

*Jarri anbiyootaa, kudha saddeettan asitti sii dubbanne sun,

*Warra Rabbiin karaa diinaa isaa qajeelchee,

*Karaa isaan qajeelan qabadhu karaa tokkummaa Rabbii, karaa obsaa qabadhuu demi irraan maqin,

*Orma kuffaaratiin akka jettu qur'aana isin barsiisuu kanarratti khiraa yookaa galata isin hin khadhadhu,

90 } *Qur'aanni kun gorsa na mayyuuti kan namaafii jinniin isaan gorfamtu malee waan biraatii miti je'iin.

*Ormi yahuuda'aa waa Rabbin guddifne guddina inni haqa godhatu kan isaan malu isaan guddisan ,

*Gaafa odoo qur'aana keessatti nabi Muhammadiin falmanuu Rabbiin takkaa nama-

يَهْدِي بِهِ مَن يَشَاءُ مِّنْ عِبَادِهِ

وَلَوْ أَشْرَكُوا

لَحِطَ عَنْهُمْ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٨٨﴾

أُولَئِكَ الَّذِينَ آتَيْنَاهُمُ الْكِتَابَ

وَالْحِكْمَ

وَالنَّبُوَّةَ

فَإِن يَكْفُرْ بِهَا هَؤُلَاءِ

فَقَدْ وَكَلْنَا بِهَا

قَوْمًا لَّيْسُوا بِهَا بِكَافِرِينَ ﴿٨٩﴾

أُولَئِكَ

الَّذِينَ هَدَى اللَّهُ

فَهَدَاهُمْ أَقْتَدَهُ

قُلْ لَا أَسْأَلُكُمْ عَلَيْهِ أَجْرًا

إِنَّ هُوَ إِلَّا ذِكْرِي لِلْعَالَمِينَ ﴿٩٠﴾

وَمَا قَدَرُوا اللَّهَ حَقَّ قَدْرِهِ

إِذْ قَالُوا مَا أَنزَلَ اللَّهُ عَلَيْنَا بَشِيرًا مِّنْ شَيْءٍ

rratti waa hin buufne je'aniin,

*Duuba mee yoo kan Rabbiin namarratti kitaaba hin buufne jettan taatan eenyutu kitaaba nabi muusan dhufeen towraat buuse? ji'iin,

*Akka towraat sun karaa namaaf ibsee nama qajeelchu'uuf jecha,

*Kan xiqqo xiqqoon, xalaya'arratti katab-danii waan isarraa mul'isuu feetan mul'iftan,

*Kan kitaaba nabi muusa`arratti buufne sanirraa waan hedduu dhoysitan, kan waan ergaa nabi Muhammad dubbatu hunda namarraa dhoysitan, akka isaan isatti hin amanne'eef jecha,

*Kan qur'aana keessatti barsiifamtan takkaayuu beysifamtan ,

*Waan isiniifii abbootin teessanilleen towra-

atirraa hin baratin, waan towraat keessatti wal fakkaate qur'aanni isinii ibsu'uun , ammallee waan isinirratti wal dhabdan, isinii ibsu'uun, mee towraat eenyutu buuse? yoo kan takkaa Rabbiin namarratti waan buufne jettanii qur'aana qeebaluu diddan taatan je'ii yahuudaa gaafadhu,

*Rabbiitu buuse je'iin yoo isaan deebisaa gaafii tanaa kennuu baatan tana malee deebisaan biraa hin jirtuu,

*Eegasii itti dhiisi ,

91} *Badii isaanii keessa haa taphatanii

*Qur'aanni kun kitaaba nuti buufne,

*Kan barakaa qabu, kan waan toltuu hunda namaa fidee addeessu,

*Kan kitaabban isa dura bu'e hunda dhugo'oomsu, kan waan kittaabban sun itti yaaman; tokkummaa Rabbitti yaamu,

*Akka qur'aana kanaan warra makkaati fii

warra naannoo makkaa jiru bayaa dhiyatti mirga bita'atti qajeelchitu'uufi sirratti buufne, azaaba Rabbiitin sodaachiftee, yoo qajeeluu baatan {umalquraa} jechuun;haadha gandootaa jechu, haati gandoota ka'baa, waan isiin mana dur dursoo lafatti jaarame taatef,

قُلْ مَنْ أَنْزَلَ الْكِتَابَ الَّذِي جَاءَ بِهِ مُوسَىٰ

تُورًا وَهُدًى لِلنَّاسِ

يَجْعَلُونَهُ قَرَاطِيسَ يُبَدُونَهَا

وَيُخْفُونَ كَثِيرًا

وَعَلِمْتُمْ

مَا لَمْ تَعْمَلُوا لَكُمْ ءَابَاءُكُمْ

قُلْ اللَّهُ تَعَالَىٰ

ذَرَهُمْ

فِي خَوْضِهِمْ يَلْعَبُونَ ﴿٩١﴾

وَهَذَا كِتَابٌ أَنْزَلْنَاهُ

مُبَارَكٌ

مُصَدِّقٌ لِّذِي بَيْنَ يَدَيْهِ

وَلِنُنذِرَ أُمَّ الْقُرَىٰ وَمَنْ حَوْلَهَا

*Warri guyyaan qiyaama'aa ni dhufaa dhugo'oomsu qur'aanatti ni amana,
92} *Warri aakhiraa dhugo'oomsu salaata

isaanii ni tiyfatan,qixaxa yoo salaata dhiisan isaanitti dhufu'uu taa'u soda'aaf jecha, maalif wanni gabrichi Rabbii guyyaa boruu dura dursoo irra gaafatamu salaata,yoo salaanni irraa qeebalame, wanni biraatis irraa qeebalamti.

*Eenyu namni nama an ergamaa Rabbitti je`ee , kijiba Rabbirraa kaayerra cubbuu dalage kan Rabbiin isan ergin, namni isarra cubbuu dalage hin jiru jechu,

*Takkaa nama Rabbiin qur'aana narratti buuse je'u, kan Rabbiin waa takka isarrattin buusinirraa eenyu namni cubbuu dalage? hin jiru jechu',

*Takkaa nama qur'aana akka Rabbiin buusetan buusa je'urra, eenyu namni cubbuu yookaa dilii dalage ? hin jiru jecha,

*Odo warra akkatti cubbuu dalage san hoggaa isaan du'aa ka'an agartee,

*Kan malaaykonni tumuudhaf harka itti laattu,

*Lubbuu teessan if keessaa baassaa, akka fuunu,

*Ar'a azaaba isin xiqqeessu argattanii,

*Sababaa waan haqan tayin Rabbirra keessaniif,isaatu nu erge jettanii,ka inni isin hin ergin,

93} *Kan aayata Rabbitti amanu'urraa if guddifan jettuun,malaaykan,odoo gaafas akka isaan tayan gartee, silaa hammeenya haala isaanii ni garta.

*Guyyaa qiyaama'aa hoggaa qabri`ii kaafaman wanni isaanin je'amu;khophaa keessan kan namni, horiin, ilmaan, keessan isiniin wajji hin jirre nutti dhuftanii mitii?

*Akkuma gaafa dura isin uumnetti, qullaa , kan khophee hin qabne kan dhayna hin qabatin,

وَالَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ يُؤْمِنُونَ بِهِ

وَهُمْ عَلَىٰ صَلَاتِهِمْ يُحَافِظُونَ ﴿٩٢﴾

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

أَوْ قَالَ أُوْحَىٰ إِلَيَّ وَلَمْ يُوحَ إِلَيْهِ شَيْءٌ

وَمَنْ قَالَ سَأُنزِلُ مِثْلَ مَا أَنْزَلَ اللَّهُ

وَلَوْ تَرَىٰ إِذِ الظَّالِمُونَ فِي غَمَرَاتِ الْمَوْتِ

وَالْمَلَائِكَةُ بَاسِطُوا أَيْدِيهِمْ

أَخْرِجُوا أَنْفُسَكُمُ

الْيَوْمَ يُجْرَبُونَ عَذَابَ آلِهَتِهِمْ

بِمَا كُنْتُمْ تَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ غَيْرَ الْحَقِّ

وَكُنْتُمْ عَنْ آيَاتِهِ تَسْتَكْبِرُونَ ﴿٩٣﴾

وَلَقَدْ جِئْتُمُونَا فُرَادَىٰ

كَمَا خَلَقْتُمْ أَوَّلَ مَرَّةٍ

*Kan waan isinii kennine hunda if duubatti dhiiftan ,addunya'arratti,dhiiftan fedhii tees-saniin male'etti isaanin je'ama ,

وَزَكَّيْتُمْ مَا خَوَّلْنَاكُمْ وَرَاءَ ظُهُورِكُمْ

*Ammas wanni isaanin je'amu guyyaa qiy-aama'aa kana asnaama isiniin wajji hin agarru, kan nu shafa'a jettan,

وَمَا نَرَىٰ مَعَكُمْ شُفَعَاءَكُم

*Asnaamota kanneen isin isaan ibaadaa teessan Rabbiin wajjiin, haqa godhatanii yaaddan, ar'a isiniin wajjii hin dhaabbatan

الَّذِينَ زَعَمْتُمْ أَنَّهُمْ فِيكُمْ شُرَكَاءُ

*Wajji jireenyi keessan addaan cite,

لَقَدْ تَقَطَّعَ بَيْنَكُمْ

94} *Wanni isin seetan,asn aamonni nuuf

وَضَلَّ عَنْكُمْ مَا كُنتُمْ تَزْعُمُونَ ﴿٩٤﴾

tolaan isin yaaddan isin duraa dhabame,wanni isin Rabbitti qindeessitan kan akka nabi iisa'aa,maryam, sheyxaanaa,dhaga'aa, mukaa ,sibiilaa adu'uu, hori'ii waa takka isinii hin toltu, isiin isinii tolu dhiisii isin biratti hin argamtu.

*Rabbiin kan firii waan meyrurraa dhoosee akka magartu godhu, kan firii lafatti darb-atan magarsu,

﴿٩٥﴾ إِنَّ اللَّهَ فَالِقُ

*Kan killee timiraa dhoosee timira magarsu,

الْحَبِّ وَالنَّوَىٰ

*Rabbiin kan waan du'aadharraa waan

يُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ

jirtuu baasu, akka nama bishaan namarraa bayu, du'aadharraa, uumu'uu, akka killeedharraa waan bararaa uumuudhaa,akka foon du'aadharraa raammoo jirtuu uumuudhaa,

*Rabbiin kan waan duutuu waan jirtu`u waan jirtu'urraa uumu, sun akka bishaan namni irraa uumamu, du'aa nama jira'arraa baasu'uuti, akka killee duutuu lukku'urraa baasu'uuti,

وَيُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ

*Kan waa magarsee waa jiraachisu Rabbi tokkichaa

ذَٰلِكُمْ اللَّهُ

95} *Duuba itti amanuu dhiiftanii eessa oritan ,odoo ragaan iimaanatti isin kaasuu ergamee jiruu, yookaa isinii mul'atee jiruu

فَإِنِّي تَوَفَّيْتُهُنَّ

*Rabbiin kan dukkana baqaysee ifaa ganamaa yookaa bariisa'aa fidu,

فَالِقُ الْإِصْبَاحِ

*Rabbiin kan halkan,waytii keessatti dala-ga'arraa hara baafatan godhe,

وَجَعَلَ اللَّيْلَ سَكَنًا

*Kan adu'uufii ji'a waan wayti`iin beekhan

وَالشَّمْسَ وَالْقَمَرَ حُسْبَانًا

godhe, kan aduun baatee dhiyuun, yookaa lixuun guyyaa nuu himtu , kan ba-
atin baatee guddatee eegasii xiqqaatee ammas bayuun baatii beysiftu, adu-
'uufii jiini hisaabaa deeman jechu',

*Akkanatti waan dubbanne hunda uumee
oofun dalagaa Rabbiiti, Rabbii waa takka
isan injifanne,

96} *Kan waa hunda beekhu, kan wallaalli
isaan hin malle.

ذَلِكَ تَقْدِيرُ الْعَزِيزِ

الْعَلِيمِ ﴿١٦﴾

*Rabbiin isa urjii isiniif uume ,

*Akka urjii saniin kara'atti qajeeltaniif hog-

gaa dukkana halkanii keessa isinii yaa'u karaa baddan, takkaa dukkana bahara
keessa isinii markabaan yaa'u yoo karaa baddan urji'iin karaa qajeeltan,

*Dhugumaan alaamaa yookaa milikkata
dandeytii teenyaa adda babaafnee himne

97} *Warra aylifatuuf, yookaa warra dubbii
Rabbii dhagayee gorfamuuf.

وَهُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُمْ النُّجُومَ

لِتَهْتَدُوا بِهَا فِي ظُلُمَاتِ اللَّيْلِ وَالْبَحْرِ

قَدْ فَصَّلْنَا الْآيَاتِ

لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ ﴿١٧﴾

*Rabbiin isa isin uume,

*Lubbuu takkitti'irraa, yookaa nama tokko-
rraa isin uume, sun nabi aadamii,

*Isinirraa nama garaa haadhaa keessa ta-
a'utu jira,

*Ammallee isinirraa nama dudda abba`aa

keessa taa'utu jira, akkana jechuun ilmoo namarraa kan dudda abba'aatii bayee,
gadaamessa haadhaa keessa bu'ee achi hanga taa'u taa'ee, eegasii dhalatuutu
jira jechu'u,

98} *Dhugumaan ragaa dandeytii teenyaa
warra waa beekhuf addeessine.

قَدْ فَصَّلْنَا الْآيَاتِ لِقَوْمٍ يَفْقَهُونَ ﴿١٨﴾

*Rabbiin isa rooba roobsee, bishaan sam-
i'irraa buusee,

*Duuba rooba saniin waan mayru hunda
magarsine,

*Kan waan mayre sanirraa, mayra magarroo
baafnee,

*Mayra magarroo sanirraa firii baafne,

*Firii tuuttee wal gubbaa tetteessu takka
qamadi'ii, mishinga'aa,

وَهُوَ الَّذِي أَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

فَأَخْرَجْنَا بِهِ نَبَاتَ كُلِّ شَيْءٍ

فَأَخْرَجْنَا مِنْهُ خَضِرًا

مُخْرَجٍ مِنْهُ حَبًّا

مُتْرَاكِبًا

*Akkasuma {nakhli'irraa} daraaraa isarraa gur'uu timiraa baafna, {xal'i} jechuun daraaraa timiraati, {qinwaan} jechuun; gur'uu timiraati,

*Kan walitti dhidhiyaatu, tuutte,

*Ammallee kan rooban masnoo inabaa margarsinu,

*Ammallee kan zeytuunafii rummaana margarsinu,

*Kan baalan wal fakkaatan,

*Kan firiin isaanii wal hin fakkaanne,

*Mee hoggaa dura firiin isaa baatu laalaa, akkam jira?

*Ammas mee hoggaa inni bilchaate laalaa akkam taya

*Waan dubbanne keessa ragaa tokkummaa Rabbiititu jira,

99} *Warra Rabbitti amanuuf.

□

*Kuffaarri jinni Rabbiif shariika godhan waan jinniin isaanii jettu dhagayanii, muka ibaadanii, dhagaa gabbaranii,

*Odo Rabbiin jinnii uumee jiruu, mee akkamiin wanni inni uume isatti qindeeffamti?

*Ormi kuffaaraa ammas Rabbiin ilmaan

dhiiratiifii dhala'aan qaba je'aniiti kijiban, waan beekkomsa itti hin qabne kan ayliin seenne {kharaquu} jechuun kijibaan, waan hin jirre Rabbitti irkisu', namicha {uzeyri} je'amu ammallee {iisan} ilma Rabbiiti je'anii, malaaykan dubra Rabbiiti je'anii kijiba Rabbitti irkisan,

100} *Rabbiin waan kuffaarri je'u kanarraa qulqullu'u ilmoo qabaatun waan isaan hin malle.

*Rabbiin kan sami'ii dachii uume kan wahiin hin gargaarsifatin kan waa takkatti hin haajamne,

*Rabbiin jaartiin qabuu, akkamitti ilmoo

وَمِنَ النَّخْلِ مِمَّنْ طَلَعَهَا قِنَوَانٌ

دَانِيَةٌ

وَجَنَّاتٍ مِّنْ أَعْنَابٍ

وَالزَّيْتُونَ وَالرُّمَّانَ

مُشْتَبِهًا

وَعَيْرِ مُنْتَسِبَةٍ

أَنْظُرُوا إِلَى ثَمَرِهِ إِذَا أَثْمَرَ

وَيَنْعِهِ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٩٩﴾

وَجَعَلُوا لِلَّهِ شُرَكَاءَ الْجِنَّ

وَحَلَقَهُمْ

وَخَرَفُوا لَهُ بَيْنَ وَبَيْنَ بَغْيٍ عَمِيمٍ

سُبْحَانَهُ، وَتَعَالَى عَمَّا يُصِفُونَ ﴿١٠٠﴾

بَدِيعُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

أَنَّى يَكُونُ لَهُ وَلَدٌ وَلَمْ تَكُنْ لَهُ صَاحِبَةٌ

qaba? wanni jaartii fuudhanii cingii isi'irraa dhuftu ba'atu'utti nama geessu , haajaa.ilmoo eega du'anii namarraa haftu,takkaa yoo dullooman nama gar-gaartu irraa argatu'uu itti haajamanuu waan biraatii jecha itti haajamanuu. ammoo Rabbiin dureessa waa takkatti hin haajamnee akkamitti ilmoo qabaa yaaddan,

*Rabbiin kan waa hunda uume,duuba kan uumefii kan uumame akkamitti wal qixxa-ata? yookaa walitti qindaaya,

وَحَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ

101} *Rabbiin kan waa hunda beekhu, kan waa takka isarraan dhokhanne.

وَهُوَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿١٠١﴾

*Inni akkasitti isinii tilmaamne yookaa was-safne sun Rabbii keessanii beekhaa,

ذَٰلِكُمْ اللَّهُ رَبُّكُمْ

*Kan isa malee Rabbiin biraa hin jirre,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

*Kan waan argame hunda uume,

خَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ

*Isuma ibaadaa yookaa gab baraa isaatu gabbaru haqa godhataa,

فَاعْبُدُوهُ

102} *Isaatu waa hundarratti wakiilaa isaatu wahayyuu tiysaa.

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ وَكِيلٌ ﴿١٠٢﴾

*Ijji Rabbin agartu, addunyaa tanarratti ammoo aakhira'atti mu'minni Rabbii ifii ni arga, akkaataa itti argan beekhuu kan hin dandeenye,

لَا تُدْرِكُهُ الْأَبْصَارُ

*Rabbiin ija hunda argaa, ijji isarraa dho-

وَهُوَ يُدْرِكُ الْأَبْصَارَ

khattu hin jirtuu, Rabbiin ija hunda isaatu uumee ijji isarraa dhokhattu hin jirtu, ammoo ijji isan agartu addunyaa tanarratti waan Rabbiin addunya'arratti akka isa agartu'uuf isiin uuminiif jecha, ijji namaa waan hunda arguu hin dandeessu, mee ijji qilleensa waan inni sossoosu malee isa arguu hin dandeenye tan lub-buu waan isiin dalayde arguu malee isii ijaan arguun dandeenye Rabbii isii uume agartii ? Ammoo aakhira'atti ijji humna biraa argatteeti,Rabbii isi'ii akkanaafii, akkanaa male'etti agartee, argaa saniin qananiiti, ijji Rabbi agartu waan inni taye hin beytu ,ammoo Rabbiin ija ni argaa waan isiin taate ni beekha, isaatu uumee akkamiin irraa dhokhatti,

103} *Rabbiin kan warra isa sodaartuf rahgmata godhu, kan waan gabroonni isaa taye hunda keessa beekhu.

وَهُوَ اللَّطِيفُ الْخَبِيرُ ﴿١٠٣﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ummata keetin akka jettu; wanni karaa haqaa isin

فَدَّجَاءَ كُمْ بَصَائِرُ مِنْ رَبِّكُمْ

agarsiisu Rabbii keessanirraa isinii dhufte,
*Duuba namni waan Rabbirraa isaa dhufe
argee isaan qajeele nabsuma isaatif qajeele
waan faaydan qajeeluu isaa isumaaf deeb-
ituuf jecha,

فَمَنْ أَبْصَرَ فَلِنَفْسِهِ ۗ

*Namni waan gorsaa kan Ra bbirraa isaa
dhufe arguu didee, isaan qajeeluu dhiisee
jallate

وَمَنْ عَمِيَ

*Nabsuma isatti badii dalage, waan balaan
jallina isaa isumatti deebituuf jecha,

فَعَلَيْهَا

104} *An dalagaa teessan eegu'uu hin erg-
amne, wannin ergameef isin qajeelchu'uufi
ji'iin.

وَمَا أَنَا عَلَيْكُمْ بِحَفِيظٍ ﴿١٠٤﴾

*Akkasitti waan karaa nama qajeelchu add-
eessina akka ummanni kee isaan gorfama-
mu'uuf jecha,

وَكَذَلِكَ نُصَرِّفُ الْآيَاتِ

*Ammallee akka booda keessa ormi kuffa-
araa kitaaba warra dur qaraatee waan jettu
kana fidde siin je'uudhaf, qur'aana kana si-
rratti buufne,

وَلِيَقُولُوا دَرَسْتَ

105} *Ammallee wanni buufnef akka warra

وَلِنُبَيِّنَهُ لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ ﴿١٠٥﴾

aylii qabuuf qur'aana kana addeessinu'uufi, warra karaa haqaa beekhee itti da-
laguuf, warri towraat nabi muusa'arratti buufame dhuga'aan beekhu, akka qu-
r'aanni waan Rabbiin nabi Muhammadirratti buuse taye ni beekha.

*Yaa ergamaa kiyya muhammad waan Ra-
bbirraa sirratti buufame jala deemi, waan
qur'aanni je'utti dalagi, diinaa Rabbii tokki-
chaa qabadhu,

أَتَبِعَ مَا أَوْحَىٰ إِلَيْكَ مِن رَّبِّكَ ۗ

*Isa malee Rabbiin biraa hin jiruu, isa malee
kan waa uumu hin jiru, isa malee namni
waa takka namaa godhu kan waa nama
godhu hin jiru,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ ۗ

106} *Warra Rabbitti waa qindeessurraa
fagaadhuu itti dhiisi, dalagaan isaanii yaa-
dan sin ajjeessin isaan warra jallatee badee

وَأَعْرَضَ عَنِ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٠٦﴾

*Odo Rabbiin kheyrii isaanif fedhee,

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ

*Silaa Rabbitti waan qindees sanii, hin ka-
faran,

مَا أَشْرَكُوا ۗ

*Orma kuffaaraa dalagaa isaanii eegii isaan qixaaxi jennee itti sin ergine, namni isaan qixaaxu Rabbii,

وَمَا جَعَلْنَاكَ عَلَيْهِمْ حَفِيظًا

107} *Ati wakiila isaanii taate iimaanatti isaan hin gidditu, yookaa hin dirqitu.

وَمَا أَنْتَ عَلَيْهِمْ بِوَكِيلٍ ﴿١٠٧﴾

*Waan kuffaarri gabbaru hin arrabsinaa,

وَلَا تَسْبُوا الَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Yoo isin waan isaan gabbaran arrabsitan

فَيَسْبُوا اللَّهَ عَدْوًا بِغَيْرِ عِلْمٍ

isaanis Rabbi wallaalan roorro'oon arrabsanii, mukni yookii sanamni isaan gabbaran arraba haqa godhataa, ammoo Rabbiin waa hunda uume guddisuu haqa godhataa wallaalaf Rabbi arrabsanii, isaan duratti waan isaan gabbaran hin arrabsinaa ,

*Akkuma orma kana dalagaa isaanii itti bareechine,

كَذَلِكَ

*Ummata hundaaf dalagaa isaanii hamtuu taatuu toltuu taatuu itti bareechinee dalagan,

زَيَّلَ كُلِّ أُمَّةٍ عَمَلَهُمْ

*Eega du'anii hundi isaanii gara Rabbii isaaniti deebi'an,

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّهِمْ مَرْجِعُهُمْ

108} *Duuba Rabbiin namuufuu waan inni dalage himee, namuufuu waan inni dalageratti jazaa galchaaf toltu jannataan ,hammaattu azaaban.

فَيُنَبِّئُهُمْ بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٠٨﴾

*Kuffaarri makkaa khakhuu jabduu khakhatan,

وَأَقْسَمُوا بِاللَّهِ جَهْدَ أَيْمَانِهِمْ

*Yoo mukgjizaan nuti barbaanne nuu dhufte,

لَئِنْ جَاءَ تَمِيمٌ بِآيَةٍ

*Itti amanna je'aniiti khakhatan mukgjizaan

لَيُؤْمِنَنَّ بِهَا

isaan barbaadan biyya makkaa goggoyduu san masnoo godhee lagootii keessa isaanii yaasu', gaara biyya isaanii ziqiya isaanif godhuu fa'aaffii waan biraati nabi Muhammad irra barbaadan, yoo akkas nu goote sitti amanna je'anii khakhatanii, duuba Rabbiin akki je'e;

*Wanni orma kuffaaratiin Jettu mukgjizaa fiduun Rabbi bira jirtii, isaatu waytii fedhe akka fedhetti fidaa,

قُلْ إِنَّمَا الْآيَاتُ عِنْدَ اللَّهِ

*Maaltu isin beysisa yoo mukgjizaa san argan ni amananii, isin hin beytan jechu'

وَمَا يُشْعِرُكُمْ

109} *Isaan odoo mukgjizaan isaan barbaadan itti dhuftee arganii hin amanan , waan kufriin isaanitti muramteef.

أَنْهَاءَ إِذَا جَاءَتْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿١٠٩﴾

*Qalbii isaanii haqarraa gara galchinaa ha-
yn'i isaanii hin galu,

وَنَقَلِبُ أَفْدَتَهُمْ

*Ija isaanitis haqarraa gara galchinaa ho-
maan argan, ittin amanan,

وَأَبْصَرَهُمْ

*Akkuma aayatoota san dura buufametti hin
amanin yoo amanuu baatan maaltu isin
beysise? hin beytan jechu',

كَمَا لَمْ يُؤْمِنُوا بِهِ أَوْلَٰ مَرَّةٍ

*Jallina isaanii keessatti isaan dhiifna,

وَنَذَرَهُمْ فِي طُغْيَانِهِمْ

110} *Haa jallina keessa dhama'anii naanna-
wanii, waan isaan jallina maraxataniif

يَعْمَهُونَ ﴿١١٠﴾

*Odo orma kuffaaraa sanirratti malaaykaa
buufnee isaanitti erginee,

﴿١١٠﴾ وَلَوْ أَنَّا نَزَّلْنَا إِلَيْهِمُ الْمَلَائِكَةَ

*Ammas odoo ormi du'ee qabrii jiru akka
ati ergamaa kiyya taate isaanii himee, akka
tanaan dura namni du'e akka ati ergamaa
kiyya taate ragaa haa sii bayuu je'anii sirra
barbaadanitti,

وَكَلَّمَهُمُ الْمَلَائِكَةَ

*Ammas odoo waan addunyaa tanarra jiru
hunda orma kuffaararratti walitti qabnee,

وَحَشَرْنَا عَلَيْهِمْ كُلَّ شَيْءٍ

*Tuuta tuutan, duuba isaan duratti wanni
Rabbi uume sun hundi akka ati ergamaa
Rabbi taate ragaa sii baatee,

فِيهَا

*Ormi kuffaaraa sun hin amanu qishna'aafi,
mukgjizaa akkanaa nu garsiisi ni amannaa
je'anii sirra barbaadan malee, isaan warra
amanu hin taane,

مَا كَانُوا لِيُؤْمِنُوا

*Nama Rabbiin amanuu isaa fedhe malee
inni ni amana,

إِلَّا أَنْ يَشَاءَ اللَّهُ

111} *Haa tayuu irra hedduun isaanii akka
waan Rabbiin fedhe malee waa takkalleen
hin taane, hin beekhan, ni wallaalan.

وَلَكِنْ أَكْثَرُهُمْ يَجْهَلُونَ ﴿١١١﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, akkuma
warra makkaa xilaata kee goone, nabiyy-
uma si dura dabre hundaafuu xilaata goonee
jirra,

وَكَذَلِكَ جَعَلْنَا لِكُلِّ نَبِيٍّ عَدُوًّا

*Jallataa namaatiffii, kan jinni'irraa,

شَيْطَانٍ مِنَ الْإِنْسِ وَالْجِنِّ

*Kan gariin isaanii garii isaanitti dubbii ha-

يُوحِي بَعْضُهُمْ إِلَىٰ بَعْضٍ زُخْرُفَ الْقَوْلِ

mtuu himu,

*Wal jaynoomsanii, mu'mina miidhu'utti wal kaasuu jecha,

*Rabbiin kee odoo fedhee silaa dubbii hamtuu san walittin odeessanii akkas hin dalagan

112} *Duuba ati orma kuffaartiifii waan isaan dalagan san itti dhiisi sin yaachisin hanga amriin Rabbirraa sii dhuffutti.

*Wanni ormi kuffaaraa kijiba dhugaa fakk-eessanii walitti odeesaniif akka qalbiin warra aakhira'attin amaninii gara waan isaan je'anii jallattuufii, {af'idaa} jechuun; {qalb-oota} jechuu,

*Ammallee akka waan isaan je'an jaa-latani'iifi ,

113} *Ammallee wanni isaan kijiba wal itti

odeessaniif akka dili isaan dalagan san dalaganii sababaa saniin qixaaxama-ni'iifi, {yaqtarifuun} jechuun ;dalagan jechuu.ormi kuffaaraa nabi muhamm-adiin nama nuufii si jiddu'utti firdii godhu nuu godhi je'anii gaafannaan, Rabbiin aayata as deemu tana buusee, nabi Muhammadiin akki je'e .

*Akki isaanin jettu;si Rabbi maleedhan nama naafii isin jiddu'utti firdii godhu barbaaddadhaa,

*Odoon innumti qur'aana isinii buusee jiruu ,

*Qur'aana haqaafii baaxilli isaan adda ba-afame,

*Warri kitaaba towraat je'amu ammallee kitaaba injiil je'amu isaanif kennine, kan akka abdullaahii ibnu salaamifii,ashaabota isaa ,ammallee mootii habasha'aa,

*Akka qur'aanni haqaan Rabbi keetirraa buufame ni beekhanii,

114} *Warra qur'aana kana Rabbiin buusuu shakkurraa hin tayin, qur'aana Rabbumaatu buusee.

*Dubbiin Rabbi keetii guutamte, firdiin isaa baate,

عُرُورًا

وَلَوْ شَاءَ رَبُّكَ مَا فَعَلُوهُ

فَذَرَهُمْ وَمَا يَفْتَرُونَ ﴿١١٢﴾

وَلِنَصِّغِيَ إِلَيْهِ أَفْعَدَهُ الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ

بِالْآخِرَةِ

وَلِيَرْضَوْهُ

وَلِيَقْتَرِفُوا مَا هُمْ مُقْتَرِفُونَ ﴿١١٣﴾

أَفَغَيْرَ اللَّهِ أَبْتَغِي حَكَمًا

وَهُوَ الَّذِي أَنْزَلَ إِلَيْكُمُ الْكِتَابَ

مُفَصَّلًا

وَالَّذِينَ آتَيْنَاهُمُ الْكِتَابَ

يَعْلَمُونَ أَنَّهُ مُنَزَّلٌ مِنْ رَبِّكَ بِالْحَقِّ

فَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْمُحَرِّينَ ﴿١١٤﴾

وَتَمَّتْ كَلِمَتُ رَبِّكَ

*Waan isiniifan godha je'e, dhugo'oomsa'aa yookaa dhuga'aan,

صَدَقًا

*Qixxumma'aan, kan firdii isaa keessa miidhan hin jirre,

وَعَدَلًا

*Namni waan inni mure jirjiiru hin jiru,

لَا مَبْدَلَ لِكَلِمَاتِهِ لَا مُبَدِّلَ لِكَلِمَاتِهِ

115} *Rabbiin kan waan je'amu hunda dhagayu , kan waan dalagamu hunda beekhu.

وَهُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿١١٥﴾

*Irra hedduu warra addunyaa tanarra jiruu yoo dubbii isaanii dhageesse, isaan orma kuffaaratii,

وَأِنْ تَطَّعَ أَكْثَرُ مَنْ فِي الْأَرْضِ

*Karaa Rabbirraa si jallisan,

يُضِلُّوكَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

*Warri waan Rabbiin ajjeese nyaatu`uutu

إِنْ يَتَّبِعُونَ إِلَّا الظَّنَّ

waan isin gorraatan nyaatu'urra haqa je'ee siin falman, ammallee warri Rabbi tokkicha ibaadu'urra sanama hedduu ibaadu'uutu haqa je'ee siin falaman, seyyiinsa badaa jala deeman malee, hubantii hin qaban,

116} *Wanni isaan je'an kijiba malee waan biraatii miti , { yakhrusguun } jechuun ; ni kijiban jechuu.

وَأِنَّهُمْ إِلَّا يَخْرُصُونَ ﴿١١٦﴾

*Rabbii keettu nama karaa isarraa jallate akkaan beekha,

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَعْلَمُ مَنْ يَضِلُّ عَنْ سَبِيلِهِ

117} *Ammallee isuma kan nama karaa isaa qajeele akkaan beekhu.

وَهُوَ أَعْلَمُ بِالْمُهْتَدِينَ ﴿١١٧﴾

*Waan hoggaa gorra'an maqaa Rabbii dhanii gorra'an nyaadhaa,

فَكُلُوا مِمَّا ذُكِرَ اسْمُ اللَّهِ عَلَيْهِ

118} *Yoo kan aayata Rabbitti amantan taatan.

إِنْ كُنْتُمْ بِآيَاتِهِ مُؤْمِنِينَ ﴿١١٨﴾

□

*Maali wanni isin argattan ,kan waan maqaa Rabbiitin qalame nyaatu'urraa isin dhowwu?,

وَمَا لَكُمْ أَلَّا تَأْكُلُوا مِمَّا ذُكِرَ اسْمُ اللَّهِ عَلَيْهِ

*Odo Rabbiin waan isinirratti haraam godhe isinii adda babaasee jiruu,sun waan ifiin du'e, dhiiga, foon karkarro'oo faadhaa,

وَقَدْ فَصَّلَ لَكُمْ مَا حَرَّمَ عَلَيْكُمْ

*Yoo waan ifiin du'e nyaatu`utti kan gidda-

إِلَّا مَا اضْطُرِرْتُمْ إِلَيْهِ

mtan taatan malee ,waan biraa kan nyaattan dhabdani, gaafas waan ifiin du'erraa hanga lubbu'uun if jiraachifan nyaatun ni gaya, sinqeeffatulleen ni gaya,

*Irra hedduun namaa waan nabseen isaanii jaalattu halaal godhaniiti, waan isiin jibbitu haraam godhanii, karaa Rabbirraa jallatanii namallee jallisan, beekkomsaan male'etti, **119}** *kan nama badee balleessee, karaa Rabbirraa baye beekhu, Rabbuma keeti, isumaatu akkaan beekhaa , hundaafuu jazaa galchu'uu taa'a.

*Dhiisaa,

*Dilii mul'attu'uufii,

*Ammallee dilii dhokhattuu hin dalaginaa,

*Isaan dilii dalagan, warri dilii dalagu,

120} *Jazaa waan dalaganii, qixaaxa isaa , aakhira'atti mudatu'uuf taa'an, yookaa argatu'uuf taa'an.

*Waan maqaa Rabbiitin hin gorra'amin hin

nyaatinaa, kan akka waan ifiin du'ee takkaa waan hoggaa gorra'an maqaa jinni'iifa'an gorra'ame hin nyaatinaa , waan maqaa Rabbin tayiniin gorra'ame nyaatun hin gayu, waan ifiin du'ellee nyaatun hin gayu, ammoo waan namni islaamaa gorra'e nyaatun ni gaya, maqaa Rabbii dhawuu dhawu baatuu, waan maqaa waan akka jinni'ii, mukaa yookaa maqaa namaa hin dhawiniin,

*Waan maqaan maqaa Rabbii hin tayin irraatti dubbatamee gorra'an nyaatun karaa Rabbirraa bayu',

*ormi sheyxaanaa orma aanaa isaanii kuffaaratti mala jallaa odeessan,

*Akka bakhtii nyaatun ni gaya je'anii isiniin falmaniif jecha, waan waaqni qale nyaatu'uutu waan namni qale nyaatu'urra caala je'anii,

*Duuba yoo orma kuffaaraa san dhageesanii bakhtiin halaali jettan,

121} *Isinis akkuma isaaniti. jallina keessatti isaanin wal qixa.

*Si namni sababaa Rabbitti kafaru'ootin qalbiin isaa duutee dukkanti kufri'ii isa

وَإِنْ كَثِيرًا لَيُضْلُوبُونَ بِهُوَآئِهِمْ بِغَيْرِ عِلْمٍ

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَعْلَمُ بِالْمُعْتَدِينَ ﴿١١٩﴾

وَذُرُوا

ظَهْرَ آيَاتِهِ

وَبِاطْنَهُ ۗ

إِنَّ الَّذِينَ يَكْسِبُونَ الْإِثْمَ

سَيَجْزُونَ بِمَا كَانُوا يَفْعَرُونَ ﴿١٢٠﴾

وَلَا تَأْكُلُوا مِمَّا لَمْ يَذْكُرْ أَسْمَاءُ اللَّهِ عَلَيْهِ

وَإِنَّهُ لَفِسْقٌ

وَإِنَّ الشَّيَاطِينَ لَيُوحُونَ إِلَىٰ أَوْلِيَآئِهِمْ

لِيُجَدِّ لَوْكُمْ

وَإِنْ أَطَعْتُمُوهُمْ

إِنَّكُمْ لَمُشْرِكُونَ ﴿١٢١﴾

أَوْ مَن كَانَ مِثْلًا

jaamsite

*Duuba eegasii karaa qajeello'oo isa garsiifnee isa jiraachifnee,

*Ifaa qabatee nama keessan deemuu dandayu isaaf goone , karaa haqaa isa garsiisu'uun, ifaan sun islaamaa,

*Namni sun akka nama dukkana keessa jiruu kan dukkana sanirraa hin baaneti akkas tayaa, namni sun kaafiraa hin tayu jechu, mu'minni Rabbiin haqa beysiseefii kaafirri haqan beyne ,akka tokkoo miti jechu',

122} *Akkuma iimaanni orma slaamatti , bareeffamee qabatan,kufri'iifii diliin orma kuffaaratti bareeffamtee qabatan tanaaf jecha dukkana kufri'ii keessa taa'an, namni kuffaaratti dalagaa isaanii bareeche sheyxaana kan waan hamtuu gaarii isaanitti fakkeessu.

*Akkuma kuffaara makkaa matoota warra makkaa goone,

*Biyya hunda keessatti warra badaa nama gurguddaa goone,

*Akka biyya balleessaniif yoo kafaran diinaa islaamarraa nama dhoowwu'uun, cubbuu dalagu'uun,

*Matootin biyyaa tan karaa Rabbirraa nama

dhoowwu'uun biyya balleessite sun,dalagaa isaanii saniin ifuma balleessan malee nama biraatii miti, waan qixaan'i hamaan sababaa saniif jecha isaan eeggatuuf jecha,

123} *Isaantu quban qabne malee.

*Hoggaa mukgjizaan nabi Muhammad ergamaa Rabbii tayuu beesiftu orma makkatti dhuftee ijaan argan,

*Wanni isaan je'an ittin amannu,

*Hanga wanni akka ergamoonna Rabbii

argatanii nuu kennamutti.akkana jechuun isaanii,yoo Rabbiin akka anbiyyoota ergetti nu ergee qur'aana nurratti buuse malee hin amannu jechu', nuutu Mu-

فَأَحْيَيْنَاهُ

وَجَعَلْنَا لَهُ نُورًا يَمْشِي بِهِ فِي النَّاسِ

كَمَنْ مَثَلُهُ فِي الظُّلُمَاتِ لَيْسَ بِخَارِجٍ مِّنْهَا

كَذَلِكَ زُيِّنَ لِلْكَافِرِينَ مَا كَانُوا

يَعْمَلُونَ ﴿١٢٢﴾

وَكَذَلِكَ

جَعَلْنَا فِي كُلِّ قَرْيَةٍ أَكْبَرًا مُّجْرِمِيهَا

لِيَمْكُرُوا فِيهَا

وَمَا يَمْكُرُونَ إِلَّا بِأَنْفُسِهِمْ

وَمَا يَشْعُرُونَ ﴿١٢٣﴾

وَإِذَا جَاءَ نَجْمُهُمْ آيَةٌ

قَالُوا لَنْ نُؤْمِنَ

حَتَّىٰ نُؤْتَىٰ مِثْلَ مَا أُوتِيَ رُسُلُ اللَّهِ

hammadirra horii heddommaataa, ammallee nuutu umrii isarra dheerataa, du-uba Rabbiin akki orma kuffaaraatiin je'e,

*Rabbiitu ergaa isaa bakka kaayu beekha ,nama isa ergu'uun malu Rabbiitu beekhaa isin hin beytan,

*Warra dilii yookaa cubbuu dalage, xiqqeenyi Rabbi biraa itti bu'uudhaf jiraata {sgaghaar} jechuun; xiqqeenya jechu' ,

124} *Ammallee azaaba jaba'aatu isaan tuquudhaa jiraata sababaa isaan Rabbitti ballessaniif.

*Rabbiin nama qajeelchuu fedhe,

*Jaalala islaamatiif qoma isaa bana, ifaa qalibii isatti darbee akkasitti waan islaamni dhufeen qeebala,

*Ammoo Rabbiin nama jallisuu fedhe, qoma isaati dhiphisa,

*Dhiphoo jabduu quma isaa dhiphisa yookaa rakkisa,hanga iimaana qeebaluun itti ulfaatuu takkatti,

*Itti ulfaatuu keessa islaama qeebaluun, akka waan samii koru'uu ol hiixatuuti itti fakkaata,

125} *Akkasitti Rabbiin warra isatti amanuu diderratti sheyxaana moosiisa , takkaayuu azaaba isaanirra kaaya, {rijzi} jechuun ; azaaba yookaa sheyxaana jechuu , Rabbi najaa irraa nu haa baasuu.

*Yaa ergamaa kiyya muhammad wanni ati irratti jirtu kun karaa Rabbii diriiraa, jannattatti nama geessu

*Dhugumaan aayatoota karaa haqaa nama garsiiftu addeessinee jirra,

126} *Warra waan Rabbiin je'uun gorfaamuuf .

*Warra waan Rabbi je'u dhagayuuf mana nagayaatu, Rabbii isaanii bira isaanii jira, sun jannataa, kan waan fedhan hunda keessatti argatan,

اللَّهُ أَعْلَمُ حَيْثُ يَجْعَلُ رِسَالَتَهُ

سَيُصِيبُ الَّذِينَ أَجْرَمُوا صَغَارٌ عِنْدَ اللَّهِ

وَعَذَابٌ شَدِيدٌ بِمَا كَانُوا يَمْكُرُونَ ﴿١٢٤﴾

فَمَنْ يُرِدِ اللَّهُ أَنْ يَهْدِيَهُ

يُشْرَحْ صَدْرَهُ لِلْإِسْلَامِ

وَمَنْ يُرِدْ أَنْ يُضِلَّهُ يَجْعَلْ صَدْرَهُ ضَيِّقًا

حَرَجًا

كَأَنَّمَا يَصَّعَّدُ فِي السَّمَاءِ

كَذَلِكَ يَجْعَلُ اللَّهُ الْوَجَسَ عَلَى الَّذِينَ لَا

يُؤْمِنُونَ ﴿١٢٥﴾

وَهَذَا صِرَاطُ رَبِّكَ مُسْتَقِيمًا

فَدَفَّصْنَا لَكَ آيَاتٍ

لِقَوْمٍ يَذَّكَّرُونَ ﴿١٢٦﴾

لَهُمْ دَارُ السَّلَامِ عِنْدَ رَبِّهِمْ

*Rabbiin aanaa isaanii kan harka isaan qa-
bee jannataan isaan gayu,

وَهُوَ وَلِيُّهُمْ

127} *Sababaa waan gaarii isaan dalaganiif
jecha, Rabbiin isaan guddise.

بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٢٧﴾

*Guyyaa Rabbiin waan uume hunda walitti
qabu dubbadhu .

وَيَوْمَ يُحْشَرُهُمْ جَمِيعًا

*Kan orma sheyxaanaa kan nama jallisuun,
yaa sheyxaanota nama jalliftanii heddom-
meeffattan je'amu,

يَلْمَعَشَرَ الْجَنِّ قَدْ اسْتَكْبَرْتُمْ مِنَ الْإِنْسِ

*Kan warri sheyxaana dhagayee jallate je'u,

وَقَالَ أُولِيَاءُهُمْ مِنَ الْإِنْسِ

*Yaa Rabbiin keenya gariin keenya { nuti

رَبَّنَا اسْتَمْتَعَ بَعْضُنَا بِبَعْضٍ

ilmaan aadam} garii keenyatti fayyadameeti waan inni je'u dhagayee jallate,
nuti ilmaan aadam waan hamtuu sheyxaanni nutti bareeche dalayneeti
jallannee,

*Akkanatti yaa Rabbiin keenya waytii ati
nuu qabde geenye {sun guyyaa qabri'ii ka'ii-
nsatii} akkana je'aniiti, badii isaanii arganii
odeessanii sheenayan,

وَبَلَّغْنَا آجَلَنَا الَّذِي أَجَلْتَنَا

*Duuba Rabbiin warra sheyxaana dhagayee
kafare,saniin akka je'e; ar'a manni keessan
ibidda keessa qubatu',isaan gubatu',

قَالَ النَّارُ مَثْوَاكُمْ

*Kan zalaalamii mana ibiddaa san keessa
taa'an kan irraan baane,kan hin duune .

خَالِدِينَ فِيهَا

*Nama Rabbiin fedhe malee namni kafaree

إِلَّا مَا شَاءَ اللَّهُ

sababaa saniin azaaba seene irraa hin bayu ,namni eega azaaba seenee bayu
nama mu'minaa kan cubbuu dalage,inni eega hanga cubbuu isaa gubateeyi
azaabarraa baya,ammoo kaafirri abaduma ibiddarraa hin bayu,hanga mana
ibiddaa tokkorraa tokkotti dabru malee,

128} *Rabbiin kee kan waan hikmaa qabu
dalagu kan namuufuu waan inni haqa go-
dhatu kennu, kan haala namuutu beekhu.

إِنَّ رَبَّكَ حَكِيمٌ عَلِيمٌ ﴿١٢٨﴾

*Akkuma ilmaan aadamiifii ilmaan sheyxa-
anaa akka walirraa fayyadaman goone

وَكَذَلِكَ

*Garii warra cubbuu dalaguu, garii isaani-
rratti moosifna,

نُؤِي بَعْضَ الظَّالِمِينَ بَعْضًا

129} *Sababaa isaan waan hamtuu dalaga-

بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿١٢٩﴾

niif ,tanaaf jecha namni nama miidhu nama isa miidhu hin dhabu ,kan isarra jaba'aa, tanaafan walaloo gorsa jaalalle'ee keessatti akkana je'e Sirrii tee dhofadhuu hangamuu jibbitu namaan tufatinii hangamuu jabaatu Yoo ar'a jabaatee boru ni laafattaa jaba'aa sitti dhufaa hoggaa san laalattaa.

*Yaa orma jinni'ii,yaa ilmaan namaa,

يَمَعَشَرَ الْجِنَّ وَالْإِنْسِ

*Jarri Rabbiin isinirraa ma raxee isinitti erge ,karaa Rabbi isin qajeelchu'uu jecha isinittin dhufnee

أَلَمْ يَأْتِكُمْ رَسُولٌ مِنْكُمْ

*Kan diinaa keenya isin barsiisan, kan waanan an buuse isinirratti qara'an

يَقْضُونَ عَلَيْكُمْ عَائِيَتِي

*Kan guyyaa qiyaama'aa kana argu`uuf teessan je'anii isin sodaachisan isinittin dhufnee je'aniiti,kuffaara jinni'iitifii ,kuffaara namaa gaafatan guyyaa qiyaama'aa,

وَيُنذِرُونَكُمْ لِقَاءَ يَوْمِكُمْ هَذَا

*Eeyee yaa Rabbi keenya nutti dhufan diinaa nu barsiisan je'aniiti ifitti masakkarann ragaa ifitti bayan,

قَالُوا شَهِدْنَا عَلَىٰ أَنْفُسِنَا

*Rabbiin akki je'e: orma kuffaaraa san jiruu addunya'aatu dagee gowwoomsee amanuu oolan,

وَعَرَّيْنَاهُمْ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا

130} *Duuba isaan aakhira'atti akka addunya'arratti kafaran ragaa ifitti bayan .

وَشَهِدُوا عَلَىٰ أَنْفُسِهِمْ أَنَّهُمْ كَانُوا كَافِرِينَ ﴿١٣٠﴾

*Wanni Rabbiin anbiyaa ergee karaa haqaa gabroottan isaa barsiisuf

ذَلِكَ

*Waan Rabbiin kee kan biyyootatti balaa buusuu hin tayiniifi,sababaa dilii isaan dalaganiif

أَنْ لَّمْ يَكُنْ رَبُّكَ مُهْلِكَ الْقُرَىٰ بِظُلْمٍ

131} *Kan warri biyyoota sanii ifirraa

وَأَهْلُهَا غَافِلُونَ ﴿١٣١﴾

quban qabne kan odoo anbiyaa isaanitti ergee karaa bada'aafii tolaa addaan hin baasiniif balleessu hin tayiniif jecha, Rabbiin yoo ummata tokko balleessuu fedhe dura nama isaan qajeelchu isaanitti erga, duuba yoo karaa isaa eehamuu didan balaa itti buusa.

*Namu waan dalagerraa jaza yookaa galata argata , hamtuu taatuu, toltuu taatuu, namuu woma faacaafate haammata,

وَلِكُلِّ دَرَجَةٍ مِمَّا عَمِلُوا

132} *Rabbiin kee kan waan gabroonni isaa dalagu dagatuu miti.

وَمَا رَبُّكَ بِغَافِلٍ عَمَّا يَعْمَلُونَ ﴿١٣٢﴾

*Rabbiin kee dureessaa, gabroottan isaatifii
ibaadaa isaanittin haajamu, isaatu uumee
isaatu qabaa akkamiin isaanitti haajama

وَرَبُّكَ الْغَنِيُّ

*Rabbiin kan gabroottan isaatif rahgmata
godhu ,tanaafuu karaa jannataa isaan qajee-
lche, anbiyaa itti ergee

ذُو الرَّحْمَةِ

*Yaa warra jallate, Rabbiin yoo fedhe isin
deemsiseeti,

إِنْ يَشَاءُ يُدْهِبْكُمْ

*Eega isin dabartanii bakka teessan nama
biraa fida,

وَيَسْتَخْلِفُ مِنْ بَعْدِكُمْ مَا يَشَاءُ

133} *Akkuma ilmaan ummata biraa kan
dabrerraa isin uumee isin hambise, rahg-
mata isinii godhu'uuf.

كَمَا أَنْشَأَكُمْ مِنْ ذُرِّيَّةِ قَوْمٍ آخَرِينَ ﴿١٣٣﴾

*Wanni Rabbiin ni dhufi je`ee isinii ode-
esse dhufu'uuf taa'aa,shakkiin hin jiru, gyy-
yaan qiyaama'aa ni dhufa qabri'ii ni kaafa-
mtan, Rabbiin waan dalaydanirraa isin gaa-
fata, kun waan shakkiin qabne,

إِنَّ مَأْتُو عُدُونَ لَاتٍ

134} *Bakka azaaba jalaa itti baatan hin
qabdan.

وَمَا أَنْتُمْ بِمُعْجِزِينَ ﴿١٣٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muha mmad ummata
kee kan sitti kafareen akki jettu; yaa jarana
mee eega waanan isiniin je'u diddan akku-
ma itti jirtanitti dalagaa,

قُلْ يَقَوْمِ اعْمَلُوا عَلَىٰ مَكَانَتِكُمْ

*Anis akkuman jiruttan dalagaa,

إِنِّي عَامِلٌ

*Mana aakhira'aa keessatti nama milkaa-
yu'uu taa'u, nuhi moo isinii beekhu'uuf tee-
ssanii,

فَسَوْفَ تَعْلَمُونَ مَنْ تَكُونُ لَهُ عَاقِبَةُ

الدَّارِ

135} *Waa takka beekhaa kaafiroonni warri
Rabbii isaanii moromu hin milkaayu.

إِنَّهُ لَا يُفْلِحُ الظَّالِمُونَ ﴿١٣٥﴾

*Ormi kuffaaraa waan Rabbiin uume,

وَجَعَلُوا لِلَّهِ مِمَّا ذَرَأَ

*Midhaan qotatanirraa,

مِنَ الْحَرْثِ

*Hori'irraa, yookaa beylada'arraa,

وَالْأَنْعَامِ

*Qooda Rabbiif godhan, idhaanifii hori`i-

نَصِيبًا

rraa, waa maqaa dhawanii, kun kan Rabbiiti je'an, kan waan san keessummaa'aafii, deega'aaf kennan, akkasuma midhaanifii hori'irraa sanamaaf yookaa taabotaaf waa qoodanii waan qoodan san warra isa khaddamuuf kennan,

*Wanni isaan akka yaada isaanitti je'an; wanni kun kan Rabbiiti kan waaqati,

فَقَالُوا هَذَا لِلَّهِ بِرِزْقِهِمْ

*Ammoo kun kan sanamaati {taabotaati} kan waan Rabbii achitti ibaadaniiti je'anii addaan fooyan, waan qaban midhaanifii hori'irraa,

وَهَذَا لِشُرَكَائِنَا

*Duuba wanni isaan sanamaaf qoodan gara Rabbii dabruu ittin dhiisan,

فَمَا كَانُوا لَشُرَكَائِهِمْ فَلَا يَصِلُ إِلَى

اللَّهِ

*Ammoo wanni Rabbii qodhan gara sanamaa dabruu itti ni lakkisan, makgnaan kanaa yoo wanni sanamaaf qoodan waan rabbiif qoodanitti makhamte, wanni sanamaa akkamiin gara Rabbii dabra je'aniiti gara Rabbii dabruu dhoowwanii, ammoo yoo wanni Rabbiif maqaa dhawan yookaa qoodan gara waan sanamaaf qoodanitti dabre hunda taabotaaf dhiisan, wanni yaadan Rabbiin dureessaa waan gara sanamaa dabrettin haajamu jechu', tanaaf jecha wanni Rabbiif qoodameefii wanni sanamaaf qoodan yoo walitti makamte hunda isi'ii warra sanama khaddamuuf kennan,

وَمَا كَانُوا لِلَّهِ فَهُوَ يَصِلُ إِلَى

شُرَكَائِهِمْ

136} *Yaa hammeenya firdii isaanii sun dubbii dabarsine sanii firidiin tun waan sheyxaanni isaan qabsiise isaan jallise.

سَاءَ مَا يَحْكُمُونَ ﴿١٣٦﴾

*Akkuma sheyxaanni karaa jallaa dubannee dabarsine, orma kuffaaratti bareeche, ammallee ilmaan isaanii ajjeessuu isaanitti bareechee, ilmaan isaanii ajjeesan keessattuu dabra jiraa awwaalani wanni isaan ilmaan isaanii ajjeesaniif waan isaan nyaachifnu hin agaru'uufi, ammoo wanni dhalaa isaanii jiraa awwaalaniif, gumnaafaa taateti qaani nutti dhaqqabsiifti'iifi kun hundinuu waan sheyxaanni itti isaan ajajee itti bareeche,

وَكَذَلِكَ زَيْنَ لِكَثِيرٍ مِّنَ

الْمُشْرِكِينَ قَتَلَ أَوْلَادِهِمْ

شُرَكَائِهِمْ

*Wanni sheyxaanni yookaa ormi jinni'ii waan dubbanne kanatti isaan ajajeef badi'itti isaan darbu'uufi,

لِيُرَدُّوهُمْ

*Ammas akka diinaa isa anii itti wal fakeessaniifi, haqaafii baaxila isaan addaan wallaalchisanii

وَلِيَسْلُبُوا عَلَيْهِمْ دِينَهُمْ

*Odo Rabbiin dalaguu dhabuu fedhee

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ مَا فَعَلُوهُ

silaa waan san hin dalagan, haa tayuu waan Rabbiin fedhe malee waa takk-
alleen hin taatuu Rabbumaatu dalaguu isaanii fedhee san dalagan, waan isaan
jallina san jaalalaniif,

137}*Orma kuffaaraa saniifii, balleessaa
isaan itti jiran itti dhiisi, guyyaa isaan qi-
xaaxamantu dhufu'uuf jiraataa.

فَذَرَّهُمْ وَمَا يَفْتَرُونَ ﴿١٣٧﴾

*Ormi kuffaaraa sun ammas wanni je'e horii
kanaafii, ooyrun tun dhowwamtu'u , yoo-
kaa haraamii, nama nuti feene malee nam
tokkolleen hin nyaatu,

وَقَالُوا هَذِهِ أَنْعَامٌ وَحَرَّتْ حَجْرًا لَا

يَطْعُمُهَا إِلَّا مَنْ نَشَاءُ

*Yaada isaanitiin kan Rabbiin haraam hin
godhin,

بِرَعْمِهِمْ

*Ammas horiin gariin kan duddi isaa orma
kuffaaraa biratti haraam godhamuutu jira ,
kan hin yaabbanne,kan hin fe'anne, kan ak-
kanumaan gad dhiisanii bakka feete dee-
mtee dheeddu,

وَأَنْعَامٌ حُرِّمَتْ طُهْرُهَا

*Ammas horiin gariin kan hoggaa gorra'an
maqaa Rabbii dhawanii hin gorraane kan
maqaa sanamaa yookii mukaa dhawanii go-
rra'antu jira,

وَأَنْعَامٌ لَا يَذْكُرُونَ اسْمَ اللَّهِ عَلَيْهَا

*Rabbiitu kana dalagaa nuun je'e je'anii ki-
jiba Rabbirra kaayu'uuf

أَفْتَرَاءَ عَلَيْهِ

138}*Duuba Rabbiin sababaa isaan kijiba
irra kaayaniif jecha waan isaan dalagan ka-
narratti isaan qixaaxu'uu jiraata.

سَيَجْزِيهِمْ بِمَا كَانُوا يَفْتَرُونَ ﴿١٣٨﴾

*Ormi kuffaaraa sun ammas akki je'e; wa-
nni garaa horii sanamaaf qoodanii keessa
jiru , yoo isaa jira'aa dhalate,

وَقَالُوا مَا فِي بُطُونِ هَذِهِ الْأَنْعَامِ

*Dhiira teenyaf halaali nyaatun isaanif gaya,
isaan qofaaf

خَالِصَةً لِّذُكُورِنَا

*Ammoo dhalaa keenyarratti haraami irraa
dhoowwaman,

وَمُحَرَّمٌ عَلَيَّ أَزْوَاجِنَا

*Yoo ammoo isaa du'aadhaa dhalate,

وَإِنْ يَكُن مَيْتَةً

*Hundi isaanii dhala'aa dhiiran waliin qaban
, isaan lachuu nyaatuu qaban je'an,

فَهُمْ فِيهِ شُرَكَاءُ

*Waan isaan je'an kanarratti Rabbiin isaan
qixaaxu'uuf jiraata,

سَيَجْزِيهِمْ وَصَفِهِمْ

139}*Inni kan hikmaa qabu,kan waa hunda

إِنَّهُ حَكِيمٌ عَلِيمٌ ﴿١٣٩﴾

beekhu.

*Warri haqa wallaalaf ilmaan isaanii ajjeese,

*Kan waan Rabbiin isaanif hire ifirratti ha-raameysan Kijibaan ,dhugumaan khasaaraman ,addunya'aa aakhira'atti .

140} *Isaan dhugumaan jallatan isaan warra qajeele hin taane.

*Rabbiin isa masnoo isinii uume,

*Kan wanni lafarra saaru keessa jiru kan akka baaqila'aa {bixxiikhaa} yookaa {habhab},

*Kan wanni lafarra hin saarre kan akka bu-naa keessa jiru,

*Rabbiin isa muka timiraa ammallee mi-dhaan uume,,

*Kan firiin waan sanii bifaafii dhandhamalle'een adda addaa,

*Rabbiin isa zeytuunafii rum maana uume ,

*Kan mukni isaan lamaanii wal fakkaatu,

*Kan dhandhamni isaan lamaanii wal hin fakkaanne,

*Midhaan waan dubbannee hoggaa inni dhale nyaadhaa,

*Midhaan san gaafa murattan takkaa guura-

ttan haqa hiyyeessaa,zakaa tayuu, sadaqaa tayuu, irraa baasaa, yookaa irraa kennaa, harka kudhanirraa harka tokko tayuu,yoo kan rooban bilchaate taye, takkaa cinaa kurneysa'aa tayuu yoo kan bishaan itti tooyuu fa'aan obbaafamee bilchaate taate,

*Horii keessan akka malee hin baasinaa

hunda kennitanii waan isiniif hafu, yookaa ilmaan keessaniif hafu if hin dho-owwinaa, israafni akka malee horii ifii baasuu, israafni karaa sheyxaanati, akk-uma doyn'ummaan karaa sheyxaanaa taate, karaan Rabbii nyaatafii dhugaatii keessatti ammallee kennatu'uufii dhoowwatu keessatti wasanaa bayuu dhabuu, wahayyuu likki'itti dalagu', horii bakka malee baasuu dhabu',

141} *Rabbiin warra seera yookaa likkii dabru hin jaalatu, hin fedhu, ni qixaaxa.

قَدْ خَسِرَ الَّذِينَ قَاتَلُوا أَوْلَادَهُمْ سَفَهًا بِغَيْرِ عِلْمٍ

وَحَرَمُوا مَا رَزَقَهُمُ اللَّهُ أَفْتَرَاءً عَلَى اللَّهِ

قَدْ ضَلُّوا وَمَا كَانُوا مُهْتَدِينَ ﴿١٤٠﴾

﴿ وَهُوَ الَّذِي أَنْشَأَ جَنَّاتٍ

مَعْرُوشَاتٍ

وَعَبْرَ مَعْرُوشَاتٍ

وَالنَّخْلَ وَالزَّرْعَ

مُخْتَلِفًا أَلْوَانُهُ

وَالزَّيْتُونَ وَالرُّمَّاتِ

مُتَشَابِهًا

وَعَبْرَ مُتَشَابِهٍ

كُلُوا مِنْ ثَمَرِهِ إِذَا أَثْمَرَ

وَءَاتُوا حَقَّهُ يَوْمَ حَصَادِهِ

وَلَا تُسْرِفُوا .

إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُسْرِفِينَ ﴿١٤١﴾

*Rabbiin isa horii itti waa fe'atuun mijjaayu,
kan akka gaalaafaa uume,

*Ammallee Rabbiin kan waan itti fe'atuun
hin mijjooyne, tan akka re'eedhaafaa uume

*Duuba waan Rabbiin isiniif kenne nyaa-
dhaa karaa Rabbiin isinii kaayen,

*Tarkaanfii sheyxaanaa jalan deeminaa,
waan inni itti isin yaamu hin dalaginaa,

142}*Sheyxaanni xilaata keessan mul'ata

kan Rabbiin keessaniin wal isin dhabsiisee addunya'aa aakhiraa teessan ball-
eessu'uu demu, waan Rabbiin irraa isin hin dhoowwinirraa isin dhoowwee
waan Rabbiin irraa isin dhoowwe isinitti mi'eeysee, isin dalaysiisee.

*Beylada`adharraa gosa saddeeti Rabb-
iin isinii uume, waan waa itti fe'ataniifii
kaanirraa,

*Saddeettan sun hoolaadharraa gosa lama,
gosti lamaan dhiirafii dhalaa,

*Re'eedharraayis gosa lama sun dhiirafii
dhalaadha,

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad warra
dhalaa beyladaadhaa hoggiin haraameysee
hoggiin dhiira ifirratti haraameysee Rabbiitu
akkas godhe je'uun akka jettu;

*Si Rabbiin dhiira hoola'aatifii dhiira re'ee-
dhati isinirratti haraam godhe moo, dhalaa
isaan lamaaniti haraam isinirratti godhe,

*Takkaa waanuma garaa dhalaa hoola'aatifii
garaa dhalaa re'eedhaa seenee baye hunda
isinirratti haraam godhe ? Dhiiraa tayuu
dhalaa tayuu,

*Mee akkaataa haraam itti godhamte naa
odeessaa , karaa beekkomsaatin, karaa hub-
anti'iitin,

143}*Yoo kan Rabbiitu haraam godhe

jachaa keessatti kan dhugaa dubbattan taatan, makgnaan kanaa; wanni isin
dhoowwa' ,yookaa haraam jettan kun dhiirummaa isaatif haraam godhame-
moo? gaafas wannumti dhiira taye hundi haraamii,takkaa dhalummaa isaatif
haraam godhame? gaafas wannumti dhalaa taye hundinuu haraamii, takkaa
inni waan gadaamessa keessaa baye jecha'aafi haraam godhame,gaafana dhal-

وَمِنَ الْأَنْعَامِ حَمُولَةً

وَفَرَشًا

كُلُوا مِن مَّا رَزَقَكُمُ اللَّهُ

وَلَا تَتَّبِعُوا خُطُوَاتِ الشَّيْطَانِ

إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ ﴿١٤٢﴾

ثَمَنِيَّةَ أَزْوَاجٍ

مِنَ الضَّأْنِ اثْنَيْنِ

وَمِنَ الْمَعْزِ اثْنَيْنِ

قُلْ

ءَالِدَكَرَيْنِ حَرَّمَ أَوْ الْإِنثَيْنِ

أَمَا أَشْتَمَلْتِ عَلَيْهِمَا رَحَامَ الْأُنثَيْنِ

نِيَعُونِي بِعِلْمٍ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿١٤٣﴾

a'aa dhiirtilleen haraam godhamaa ,duuba akkamiin gaafin dhalaa haraam gootanii, gaafin dhiira haraam gootan? kun waan beekkomsarratti hin jaaramini jechu'.

*Gaalarraayis Rabbiin gosa lama uume, sun dhalaa'aafii dhiiraa,

وَمِنَ الْإِبِلِ اثْنَيْنِ

*Hori'irraayis gosa lama uume, sun dhalaa'aafii dhiiraa,

وَمِنَ الْبَقَرِ اثْنَيْنِ

*Akki isaanin jettu Rabbiin dhiira jara lamaaniti isinirratti haraam godhe moo dhalaa isaan lamaaniti haraam godhe?,

قُلْ أَلَذَّكَّرِينَ حَرَّمَ أَوْ الْأُنثِيَّيْنَ

*Takkaa waanuma garaa hori`ii takkaa galatii baye hunda dhalaa taatuu dhiira taatuu haraam godhe, mee waan Rabbiin haraam godhe jettan ,akka inni itti haraam godhe naa himaa? ji'iin,

أَمَا أَشْتَمَلْتُ عَلَيْهِ أَرْحَامُ الْأُنثِيَّيْنَ

*Ammas akki isaanin jettu;si isin gaafa Rabbiin waan kana isinii dhaame achitti argamtaniiti dhageessanii, akkana jettanii? lakkii ni kijibdanii, Rabbiin waan isin haraam jettan kana isinii hin dhaamne kijiba Rabbirra keessan malee, ji'iin,

أَمْ كُنْتُمْ شُهَدَاءَ إِذْ وَصَّيْنَاكُمْ اللَّهُ بِهَذَا

*Duuba mee eenyu namni nama kijiba Rabbirra kaayerra cubbuu dalage? Namni isarra dilaaye, hin jiru jechu',

فَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ افْتَرَى عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

*Kan Rabbiitu akkana je'e je`ee waan

لِيُضِلَّ النَّاسَ بِغَيْرِ عِلْمٍ

Rabbiin hin je'in irra kaayee, nama waan san quban qabne, yookaa hin beyne jallisu'uu deemu, kan akka jara dubbannee kan waan ifumaa haraam godhan Rabbiitu haraam godhe je'an nama jallisu'uuf,

144} *Rabbiin warra cubbuu dalagu kan irraan deebine karaa jannataa hin qajeelchu.

إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ ﴿١٤٤﴾

*Wanni orma kuffaaraa kan waan fedhe haraam godhee, waan fedhe halaal godhee, Rabbiitu kana dalage je'uun, jettu; waan Rabbiin narratti buusee na barsiise keessatti hin agarre,

قُلْ لَا أَجِدُ فِي مَا أُوحِيَ إِلَيَّ

*Waan nyaatun isaa nama waa nyaaturratti haraam godhamu hin agarre,

مُحَرَّمًا عَلَى طَاعِمٍ يَطْعَمُهُ

*Yoo waan ifiin du'e taate malee kan awamni Rabbi qalee je'uun, isa nyaatun hin gayu waan dhukkuba namatti fiduuf dhiinyi

إِلَّا أَنْ يَكُونَ مَيْتَةً

keessatti hafee, foon balleeysee,

*Takkaa yoo dhiiga yaa'u taate malee isas

أَوْ دَمًا مَسْفُوحًا

nyaatun haraami, waan dafee jirjiiramee dhukkubni isa seenuf jecha, ammoo dhiinyi hin yaane kan akka tiruudhaa, rajiiji'ii, takkaa dhuga dhiiga foon kees-satti hafee, halaali nyaatun ni gaya,

*Takkaa yoo foon karkarro'oo taate malee isas nyaatun haraami waan dhukkubni ha-maan isa keessa jiruuf {rijsun} jechuun; ha-raam jechuu,

أَوْ لَحْمَ خَنزِيرٍ فَإِنَّهُ رِجْسٌ

*Takkaa waan Rabbiif hin qalin yoo taate

أَوْ فِسْقًا أَهْلًا لِغَيْرِ اللَّهِ بِهِ

malee, kan maqaa sanamaa, taabotaa dhawanii, yookaa maqaa jinni'ii dhawanii qalan, isas nyaatun haraami, {uhilla} jechuun; maqaa dhawanii qooqa ol fu-udhanii jechuu,

*Namni waan dubbanne san nyaatu'utti dir-qame waan haraam godhame san malee, waan nyaatu dhabee,

فَمِنْ أَضْطَرَّ

*Kan cubbuu dalagee nama miidhu'uu hin deemne,

عَرِبَاعٍ

*Kan shiftaa tayee karaa dabruu nama

وَلَا عَادٍ

dhoowwu'uu hin deemne, waan dubbanne san nyaatuu ni qaba, hanga du'uu-dharraa ifiin dhoowwun takka, kan nyaatee garaa guuttatee wasanaa hin baane, yookaa cubbu'utti hin seenne nyaatun isaaf gaya

*Rabiin kee waan inni nyaate isaaf ara-arama,

فَإِنَّ رَبَّكَ غَفُورٌ

145} *Rabiin kee kan waan haraam godh- [

رَحِيمٌ ﴿١٤٥﴾

ame yoo cinqiin nama goote nyaatuu isaaf baqqaasisu'uun, yookaa geessisu'uun rahgmata isaaf godhu, wanni Rabiin haraam godhe waan ifiin du'e yoo qur-xummi'iifii awwaanisa taate malee, ammas dhiiga haraam godhe yoo tiru'uufii rajiiji taate malee, ammas foon karkarro'ooti haraam godhe, ammas waan mu-kaafii jinni'ii qalan, ammas waan binneensarraa qarriinfuu jabduu wahiin al'o-ollatu qabu, kan akka leencaa, qeerrensaa, ammas waan waan bararurraa kottee jabduu al'oollatuun qabu, kan akka shinbir buteessaa faa, haraam godhe, waan dubbanne kana nyaatun haraami yoo dirqiin nama nyaachifte malee, gaafana akkan duune if godhu'uuf waa xiqqo nyaatun ni gaya.

*Orma yahuuda'arratti,

وَعَلَى الَّذِينَ هَادُوا

*Waan kottee qabu, kan qubbeen isiidhaa addaan hin babaane, kan akka gaalaa har-

حَرَمَنَا كُلِّ ذِي ظُلْمٍ

aam irratti goonee jirra, yookaa nyaatu'urraa isaan dhoowwinee jirra,

*Hori'iifii hoola'aa, re'eedharraa moora isi'ii nyaatuudharraa isaan dhoowwinee jirra

*Moora dirraa yoo taate malee, sun isaanif halaalii,

*Takkaa yoo moora mar'imaanii taate malee , sunis isaanif halaalii,

*Takkaa yoo moora lafe'etti makhame taate malee, sun moora dumaatii isas nyaatun ni gayaa,

*Waan dubbanne san yahuuda'arratti haraam godhu'uun,

*Jazaa isaanif galchine, yookaa isaan qix-aaxn'e,

*Sababaa isaan cubbuu dalaganiif jecha,

146} *Nuti dhugaa dubbana waan isinii odeessine keessatti.

*Yoo waan ati nurraa isaanitti odeessite keessatti si kijibsiisan,

*Rabbiin keessan rahgmata bal'aa qaba, kan sababaa isin dubbii isaa dhagayuu diddaniif dafee isin dhabamsiisuu oolee qixaaxa isinirraa booda aanse,

*Azaabni Rabbii hoggaa dhufe hin deeffamu,

147} *Warra cubbuu dalagerraa.

*Warri Rabbitti waa qindeessu je'uudhaf jiraata wanni isaan je'en

*Odo Rabbiin isatti waa qindeessuu dhabuu keenya fedhee silaa nuti isatti waa hin qindeessinu,

*Abbootin teenyalleen isatti waan qindeessitu,

*Silaa waa takkallee hin haraameysinu

وَمِنَ الْبَقَرِ وَالْغَنَمِ حَرَّمْنَا عَلَيْهِمْ

شُحُومَهُمَا

إِلَّا مَا حَمَلَتْ ظُهُورُهُمَا

أَوِ الْحَوَايَا

أَوْ مَا اخْتَلَطَ بِعَظْمٍ

ذَلِكَ

جَزَيْنَهُمْ

بِغَيْرِهِمْ

وَإِنَّا لَصَادِقُونَ ﴿١٤٦﴾

فَإِنْ كَذَّبُوكَ

فَقُلْ رَبُّكُمْ ذُو رَحْمَةٍ وَاسِعَةٍ

وَلَا يَرُدُّ بَأْسَهُ

عَنِ الْقَوْمِ الْمُجْرِمِينَ ﴿١٤٧﴾

سَيَقُولُ الَّذِينَ أَشْرَكُوا

لَوْ شَاءَ اللَّهُ مَا أَشْرَكْنَا

وَلَاءَ آبَاءُنَا

وَلَا حَرَمْنَا مِنْ شَيْءٍ

je'uudhaf jiraatan,akkana jechuun isaanii nuti waa isatti qixxeessun, ammallee waa haraam godhuun keenya fedhii Rabbiitini, inni nurraa jaalatee jira jechu', duuba Rabbiin akki je'e;

*Akkuma ormi kuffaaraa sun si kijibsiise yaa ergamaa kiyya Muhammad

*Warri kuffaaraa kan isaan dura dabre anbiyaa isaanii kijibsiisan,

*Hanga sababaa saniif qixaan'ee ,azaaba keenya dhandhamanitti duuba isaanis akka-suma godhu'uu teenyaa , itti dhiisi .

*Ormi kuffaaraa kan Rabbiin dalagaa teenyaa nurraa jaalata je'uun akki jettu; mee akka Rabbiin isinirraa jaalate waan nu beysisu qabduu,

*Kan dirree baaftanii nu agarsiifan, hin qabdan jechu'u,

*Waan jettan kana seyiinsa jala deemtaniiti jettan malee waan hubantii qabdaniiti

148} *Isin ni kijibdan malee dhugaa hin dubbattan waan jettan kana keessatti ji'iin

*Ammas wanni jettuun isin ragaa hin qabdaniiti,ragaan guutun kan Rabbiiti

149} *Rabbiin odoo isin qajeelchuu fedhee silaa isin qajeelcha ji'iin.

*Mee ragaa yookaa imamanyii keessan fidadhaa,

*Kanneen waan isin Rabbiitu haraam godhe jettanii kijibdan Rabbiitu haraameyse je'anii ragaa isiniif bayan fidadhaa ji'iin,

*Yoo ragaa bayan, ati ragaa isaanin wajji hin bayin,

*Waan warri aayata keenya kijibsiise je'u jaalattee jalan deemin,

*Kanneen guyyaa boruttin amanin,

150} *Isaan warra Rabbii isaa nitti waa qindeessu'uun kafaree.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad orma akkanumaan waan fedhe haraamessee waan fedhe halaaleysu, kan Rabbiitu akkana nuun

كَذَلِكَ

كَذَّبَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

حَتَّى دَاوُأَبَاسْنَا

قُلْ هَلْ عِنْدَكُمْ مِنْ عِلْمٍ

فَتُخْرِجُوهُ لَنَا

إِنْ تَتَّبِعُونَ إِلَّا الظَّنَّ

وَإِنْ أَنْتُمْ إِلَّا تَخْرُصُونَ ﴿١٤٨﴾

قُلْ فَلِلَّهِ الحُجَّةُ البَلِغَةُ

فَلَوْ شَاءَ لَهَدَيْتُكُمْ أَجْمَعِينَ ﴿١٤٩﴾

قُلْ هَلُمْ شُهَدَاءُكُمْ

الَّذِينَ يَشْهَدُونَ أَنَّ اللَّهَ حَرَّمَ هَذَا

فَإِنْ شَهِدُوا فَلَا تَشْهَدْ مَعَهُمْ

وَلَا تَتَّبِعِ أَهْوَاءَ الَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

وَالَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ

وَهُمْ بِرَبِّهِمْ يَعْدِلُونَ ﴿١٥٠﴾

﴿ قُلْ تَعَالَوْا أَتْلُ مَا حَرَّمَ رَبِّيَ كُفْرًا بِآيَاتِنَا وَكَفْرًا بِالْحَقِّ وَكُفْرًا بِمَا نُنزِّلُ مِنَ الذِّكْرِ إِنَّكُمْ عِنْدَ رَبِّكُمْ لَأُولُوا عِزًّا ﴾

عَلَيْكُمْ

je'e je'u,kan Rabbitti waa qindeessee, Rabbiin nurraa jaalata je'uun akki jettu ;yoo haqa barbaaddan waan Rabbiin keessan isinirratti haraam godhe, yookaa irraa isin dhoowwen isinirrattin qara'aa koottaa ji'iin, wanni Rabbiin isiniin je'u, yookaa itti isin ajaju,

*Rabbitti waan qindeessinaa,tokkummaa isaa yaadaa,

أَلَا تَشْكُرُوا بِشَيْئًا

*Ammas wanni Rabbiin itti isin ajaju haadhaa abbaa keessanitti hammaatuu dhabd-anii, harkaa fuula itti tolu',

وَبِالْوَالِدَيْنِ إِحْسَانًا

*Ilmaan keessan hin ajjeesinaa,

وَلَا تَقْنَلُوا أَوْلَادَكُمْ

*Hiyyummaa soda'aaf,

مِنْ أُمَّلِقٍ

*Nuutu isiniifii isaanillee razaqaa , kan

تَحْنُ نَزْرُقُكُمْ وَإِيَّاهُمْ

waan isaan jiraataniin kennuuf nuhii, namuu rizqii qabaa, waan nyaachifnu hin qabnu jettanii,yookaa waan nuti nyaannu nurraa nyaatan jet tanii ilmaan keessan hin ajjeesinaa,

*Waan cubbuu taye,yookaa dilii taye, gurguddo'otti hin dhiyaatinaa kan akka zinaadhaa

وَلَا تَقْرَبُوا الْفَوَاحِشَ

*Waan dili'irraa mul'atuufii waan hin mul'annetti hin dhiyaatinaa .

مَا ظَهَرَ مِنْهَا وَمَا بَطَنَ

*Lubbuu Rabbiin ajjeechaa isi'ii haraam godhe hin ajjeesinaa,tan akka lubbuu mu'minaa,

وَلَا تَقْنَلُوا أَنْفُسَ الَّتِي حَرَّمَ اللَّهُ

*Yoo haqaaf ajjeeftan malee sun akka

إِلَّا بِالْحَقِّ

nama beekha'aa nama ajjeese ajjeesu'uutii ,nabi Muhammad akki je'e; {muslimaa yoo waa sadii irraa argame malee ajjeesun hin gayu, tokkoffaan; yoo eega amanee kafare, lammeysan; yoo eega fuudhee zinaa godhe sadeessan ; yoo lubbuu Rabbiin hin ajjeesinaa je'e haqaan male'etti ajjeese, sadeen kanaan male'etti mu'mina ajjeesun hin gayu,}

151 } *Waan dubbanne kanaan Rabbiin isin gorsa,akka hubbattanii qajeeltaniiif jecha .

ذَلِكَ وَمَنْ يُؤْمَرْ بِهِ لَعَلَّكُمْ تَعْقِلُونَ ﴿١٥١﴾

*Horii yatiimatti hin dhiyaatinaa,yoo karaa horii isaanii tolchu'uutin taate malee ,horii hiyyeessaa hin nyaatina'aa, tiysaa yoo dandeesan tirfeysaa karaa gaari'iin,

وَلَا تَقْرَبُوا مَالَ الْيَتِيمِ إِلَّا بِالَّتِي هِيَ أَحْسَنُ

*Hanga bakka dhiiraa gayutti jabaatee, yookaa qaanfatee, bara kudha shan gayu'uun, yookaa bishaan dhiirti agartu argu'uun,

حَتَّىٰ يَبْلُغَ أَشُدَّهُ

*Hoggaa namaaf waasaffartan, yookaa mii-zaantan guutaa

وَأَوْفُوا الْكَيْلَ وَالْمِيزَانَ

*Qixxummaadhan ir'isuu dhiiftanii hanga dandeessan

بِالْقِسْطِ

*Maalif nuti lubbuu namaa waan isiin dandeessutti malee hin gidдину yookaa hin dirqinu, tanaaf jecha waan wallaalan namarraa argameef naman qixaan'u,

لَا تُكَلِّفُ نَفْسًا إِلَّا وُسْعَهَا

*Yoo nama jiddu'utti waa laaltan qixxumma'aan laala'aa muraa, yookaa waan jettan qixxumma'aan je'aa ,

وَإِذَا قُلْتُمْ فَاعْدِلُوا

*Odoo namni dubbii itti murtan nama isinitti aanullee taye

وَلَوْ كَانَ ذَا قُرْبَىٰ

*Waan Rabbiin dalagaa je`ee baallama isin

وَبِعَهْدِ اللَّهِ أَوْفُوا

seensise, kan akka salaataa, sooamanaa, ammallee dhugaa dubbatu'uu, dalagaa'aa baallama Rabbii guutaa, akkasuma yoo namaaf baallama seentan baallama san guutaa,

*Wanni dubbanne sun waan Rabbiin isinii dhaame isin gorsu'uuf

ذَٰلِكُمْ وَصَّكُم بِهِ

152} *Akka yaadattanii itti dalaydaniit itti fayyadamtaniif.

لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿١٥٢﴾

*Wanni dubbanne kun karaa kiyya diriira'aa,

وَأَنَّ هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ

*Karaa kana {yaa'aa} itti dalagaa,

فَاتَّبِعُوهُ

*Karootii isan tayin hin dee minaa hin qabatinaa,

وَلَا تَتَّبِعُوا السُّبُلَ

*Karaa Rabbirraa isin fageessitii , karaa

فَنَفَّرَ بِكُمْ عَنْ سَبِيلِهِ

isaatin adda isin baaftii, duuba sababaa saniin baddanii, akkan banne karaa Rabbii qabadhaa, karaa birarraa fagaadhaa, diinaa islaamaa qabadhaa diinaa birarraa fagaadhaa,

*Karaa Rabbii deemun sun,

ذَٰلِكُمْ

153} *Rabbiitu isiniin gorse akka jallinarra fagaattanii haqa jala deemtaniif jecha, waan Rabbiin isiniin gorse dhagaya'aa qabadhaa ,namni karaa Rabbii demu:

وَصَّكُم بِهِ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴿١٥٣﴾

Nama tokkummaa Rabbii yaadu, kan waa itti hin qindeessine,
 Nama haadhaa abba'atti harkaa fuula tolu,
 Nama hiyyummaa soda'aaf ilmaan ifii hin ajjeefne,
 Nama dilii fokkattuu akka zina'atti hin dhiyaanne,
 Nama haqaan male'etti naman ajjeefne,
 Nama horii yatiimaa hin yaanne,
 Nama hoggaa waa namaa saffaru namaa guutu,
 Nama yoo dubbii nama jiddu'utti laale haqaan muru, kan haqarraan mayn'e,
 Nama baallama Rabbiitifii kan namallee guutu,
 Duuba ummanni yookaa namni karaa Rabbii kanatti dalage, nama addunya'aa
 aakhira'atti milkaayee jiruu gaarii ar'aa borullee argate, ammoo namni karaa
 kanarraa maqe, kan Rabbitti waa qindeessu, kan haadhaa abba'aan tolle, kan
 ilmaan ifii ajjeesu, kan dilii akka zina'aafaa dalagu, kan haqaan male'etti nama
 ajjeesu, kan horii yatiimaa nyaatu, kan waan namaa saffaru ir'isu, kan haqaan
 dubbiin murre, kan nama ganu, namni kun nama karaa sheyxaanaa deemu kan
 addunya'aafii aakhiraa khasaarama, kan jiruun addunya'aa aakhira'atti itti bo-
 oroyte, nabi Muhammad nageenyi isaanirratti haa jiraatuu taraarraa diriirtuu ta-
 kkaa taraaraniiti kun karaa Rabbiiti je'an, ammas taraarraa biraa gama mirg-
 aatin taraaranii, ammas taraarraa biraa gama bita'atin taraaranii akka je'an kar-
 aan lamaan kun karaa jallaa sheyxaanni irra taa'ee itti nama yaamu je'an, duuba
 Rabbiin warra haqa argee jala deemu ka badee argee irraa fagaatu nu haa
 godhuu.

*Nabi muusaadhaf kitaaba towraat je'amu
 kenninee jirra,

ثُمَّ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ

*Kan nama tolchee itti dalage guddisu yo-
 okaa guutu,

تَمَامًا عَلَى الَّذِي أَحْسَنَ

*Kan dubbii dunyaadhaa addaan babaasee
 himu,

وَنَقْصِيلًا لِكُلِّ شَيْءٍ

*Kan karaa nama qajelchu,

وَهُدًى

*Kan toltuu qabu

وَرَحْمَةً

154} *Wanni kitaaba towraat kana nabi mu-
 usa'arratti buufnef akka yahuudan sababaa
 isaatin guyyaa boruu fuula Rabbiiti dhaa-
 bbannaa dhugo'oomsitu'uufi.

لَعَلَّهُمْ يَلْقَاءُ رَبَّهُمْ يُؤْمِنُونَ ﴿١٥٤﴾

*Inni kun { qur'aanni kun } kitaaba nuti bu-
 ufne kan barakaa qabu, kan naffii addunya'aa
 aakhira'aa qabu,

وَهَذَا كِتَابٌ أَنْزَلْنَاهُ مَبَارَكٌ

*Yaa ummata Muhammad qur'aana jala
 deemaa, itti dalagaa,

فَاتَّبِعُوهُ

*Isa kijibsiisuu,akkasuma nama inni irratti bu'e kijibsiisuu sodaadhaa,
155} *Akka rahgmata Rabbii argattaniif.

وَاتَّقُوا

لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿١٥٥﴾

*Wanni qur'aana kana buufnef akka isin, kitaabni,jara lamaan nu duraa yahuuda'aafii nasaaraa qofarratti buufamee nurrattin buufamne

أَنْ تَقُولُوا إِنَّمَا أُنزِلَ الْكِتَابُ عَلَيَّ طَائِفَتَيْنِ مِنْ قَبْلِنَا

156} *Nutu qaraatii warra tow raatiffii ,injiil hin beynu,waan afaan isaanii hin beynef jecha, duuba akka isin akkas hin jenneef jecha kitaaba qur'aanaa buufne ,afaanuma keessaniin.

وَإِنْ كُنَّا عَنْ دِرَاسَتِهِمْ لَغَفْلِينَ ﴿١٥٦﴾

*Takkaa akka isin odoo qur'aanni nurratti buufamee,

أَوْ تَقُولُوا لَوْ أَنَّا أُنزِلَ عَلَيْنَا الْكِتَابُ

*Silaa yahuuda'aafii nasaara'arra qajeella hin jenneef qur'aana isinirratti buufne,odoo buusuu baannee silaa akkas jettanii,

لَكِنَّا أَهْدَىٰ مِنْهُمْ

*Dhugumaan ragaan Rabbii keessanirraa isinii dhufee jira

فَقَدْ جَاءَكُمْ بَيْنَهُ مِنْ رَبِّكُمْ

*Qajeello'oofii rahgmanni jennataan isin gayu isiniif dhufee, qur'aanni bu'ee, amanaa, yoo kan dhuga'aan odoo kitaabni nurratti bu'ee nama hundarra qajeella jettan taatan,

وَهَدَىٰ وَرَحْمَةً

*Eenyu namni nama aayata Rabbii dhugo'oomsuu didee ,kijibsiiserra cubbuu dalage? namni isarra bade hin jiru jechu',

فَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ كَذَبَ بِآيَاتِ اللَّهِ

*Kan aayata Rabbirraa gara gale,

وَصَدَفَ عَنْهَا

*Warra aayata keenyarraa gara galeef jazaa hamaa galchu'uu jiraanna,

سَنَجْزِي الَّذِينَ يَصْدِفُونَ عَنْ آيَاتِنَا

*Azaaba jabaadhan isaan qixaan'ee,

سُوءَ الْعَذَابِ

157} *Waan isaan aayata Rabbii qeebaluu didanii irraa gara galaniif.

بِمَا كَانُوا يَصْدِفُونَ ﴿١٥٧﴾

*Warri aayata Rabbii,yookaa diinaa Rabbii dide sun,waan biraa kan eeggatan hin qaban,

هَلْ يَنْظُرُونَ

*Malaaykan ruuhii isaanii fuutu isaanitti dhufuu yoo eegan malee

إِلَّا أَنْ تَأْتِيَهُمُ الْمَلَائِكَةُ

*Takkaa Rabbii kee dhufuu

أَوْ يَأْتِي رَبُّكَ أَوْ يَأْتِي رَبُّكَ

*Takkaa gariin milikkata,takkaa alaamaa qiyaaman dhiyaatu'uu yoo dhufuu eeguu taate malee, wanni biraa kan afatan, yookaa eeg-gatan hin jirtu,

أَوْ يَأْتِي بَعْضُ آيَاتِ رَبِّكَ

*Gaafa gariin alaamaa qiyaama'aa dhufte, sun aduun gama dhiyaatin bayoudhaa,

يَوْمَ يَأْتِي بَعْضُ آيَاتِ رَبِّكَ

*Nafseen namaa tan guyyaa san dura Rabbitti hin amanin gaafas amanuun isiin fayyadu yookaa isi'ii hin tolu,

لَا يَنْفَعُ نَفْسًا إِيْمَانُهَا لَمْ تَكُنْ ءَامَنَتْ مِنْ قَبْلُ

*Akkasuma nafseen iimaana qabdu tan

أَوْ كَسَبَتْ فِي إِيمَانِهَا خَيْرًا

odoo alaaman qiyaama'aa hin dhufin dura waan gaarii hin dalagin yookaa hin towbatin gara Rabbii hin deebi'in,eega alaaman qiyaama'aa guddoon mul'attee waan gaarii dalaguun isiin fayyadu towban irra hin qeebalamtu,eega alaaman guddoon argamtee kaafirri yoo islaamaye, islaamummaan irraa hin qeebalamu , mu'minni dilii dalages yoo towbate towban irraa hin qeebalamtu, alaaman qiyaama'aa guddoon sun aduun gara dhiyaatin bayu',ammoo san dura waa kudhantu dhufa, kan akka namicha tokko ka Rabbi ifiin je'uu, kan wanni inni tayi je'uun taatu, kan masiihguddajjaal je'amu, ammas wanni lafarra miila afraniin deemu takka tan nama dubbuftu dhufu', haa tayuu hulaan towba'aa cufamuun aduun gara dhiyaatin bayu'uuni,

*Orma kuffaaratiin wanni jettu:waan sadeen isinitti dhufaa jiraatu,san eegaa ,sadeen sun du'a, yookaa azaaba, yookaa alaamaa qiyaama'aati,

قُلْ أَنْظِرُوا

158} *Nutis san ni eeynaa.

إِنَّا مُنْتَظِرُونَ ﴿١٥٨﴾

*Isaan diinaa isaanii addaan babaasan garii qabatani garii didanii,isaan yahuuda'aaffii nasaara'aa,

إِنَّ الَّذِينَ فَرَقُوا فِيهِمْ

*Kan bakka heddu'utti addaan babayan, diinaa keessatti wal dhadhabanii,

وَكَانُوا شِعَابًا وَكَانُوا شِعَابًا

*Dubbi isaanii keessan seenin, ati isinirraayii mitii,

لَسْتَ مِنْهُمْ فِي شَيْءٍ

*Dubbiin isaanii harka Rabbiiti jirti,

إِنَّمَا أَمْرُهُمْ إِلَى اللَّهِ

159} *Duuba Rabbiin aakhira'atti waan

مُّمَّ بِنَبِيِّهِمْ بِمَا كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿١٥٩﴾

isaan dalagan isaanif odeessa irra isaan gaafatu'uu jecha maalif kana dalaydan je'ee, yahuudan bakka torbaatamii tokkotti addaan babaate, nasaaran bakka torbaatamii lamatti addaan babaate.

*Namni waan gaarii takkittii dalage sawaba kudhan argata,

مَنْ جَاءَ بِالْحَسَنَةِ فَلَهُ عَشْرُ أَمْثَلِهَا

*Ammoo namni hamtuu takka dalage takkittuma saniif qixaaxama malee waa takka ittin ida'aman .

وَمَنْ جَاءَ بِالسَّيِّئَةِ فَلَا يُجْزَى إِلَّا أَمثلِهَا

160} *Isaan hin miidhaman, waan gaarii isaan dalagan irraa ir'isu'uun yookaa waan hin dalaganiif isan qixaaxu'uun.

وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿١٦٠﴾

*Rabbiin kiyya karaa diriiraa na qajeelche, ji'iin,

قُلْ إِنِّي هَدَيْتَنِي رَبِّي إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ

*Diinaa qajeelaa jallinni keessan jirre,

دِينًا قِيمًا

*Karaa nabi ibraahiim deeme,

مِلَّةَ إِبْرَاهِيمَ

*Kan karaa jallinaa hunda dhiisee karaa iimaanaa maqe .

حَنِيفًا

161} *Kan warra Rabbitti waa qindeessurraa hin tayin ji'iin.

وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٦١﴾

*Ammas akki jettuun; salaata kiyyaafii,

قُلْ إِنَّ صَلَاتِي

*Ibaadan tiyya,

وَنُسُكِي

*Ammallee jiruun tiyyaafii,

وَمَحْيَايَ

*Duuti tiyya,

وَمَمَاتِي

162} *Ta Rabbii waa hunda uumeti.

لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿١٦٢﴾

*Rabbii tokkicha lameysaan qabne,

لَا شَرِيكَ لَهُ.

*An waan kanattin ajajame,

وَبِذَلِكَ أُمِرْتُ

163} *An nama dura dursoo Rabbitti am-

وَأَنَا أَوَّلُ الْمُسْلِمِينَ ﴿١٦٣﴾

ane ji'iin gaafa gaafa Rabbiin ruuhii namaa hunda uumee dudda aadamirratti walitti qabee an Rabbii keessanii mitii je'een, ruuhin dura dursoo amantee eeyee jette ruuhii nabi Muhammadi, nageenyi isaanirratti haa jiraatuu.

*Ammas si Rabbii achittan Rabbii biraa barbaaddadhaa ji'iin,

قُلْ أَغَيْرَ اللَّهِ أَبِئْبِي رَبًّا

*Odoo inni kan waa hunda qabu, kan waa hunda uume tayee jiruu hin barbaadu jechu'

*Lubbuun dilii dalaydu ifumatti dalaydi, lubbuun cubbuu dalayde hundi, balaan cubbuu sanii nama biratti hin deebituu isumatti deebiti,

*Lubbuun takkalleen waan lubbuun biraa dalaydef hin qixaaxamtu, {wizra} jechuun ; dilii jechu',

*Eega duutanii hundi keessan gara Rabbii keessaniiti deebitanii,

164} *Waan keessatti wal dhabdan, haqaafii baaxila addaan isinii hima, kana qixaaxee kaan jannata seensisee.

*Rabbiin isa dachii tanarratti isin uume , akka walirraa bakka dhaabbattanii, yookaa Rabbirraa bakka dhaabbattanii namaa bulchitan isin godhe,

*Kan garii keessan garii keessanirra caalchise, yookaa wal isin dabarse, hori'iifii bekkomsaafii waan biralle'een,

*Waan isinii kenne keessatti isin morkoru'uuf jecha , galata isaa galchitanmoo hin galchitanii laalu'uu jecha,

*Rabbiin kee kan warra dilaaye dafee qixaaxu,

165} *Inni kan mu'minaaf araaramee rahmata godhu.

وَهُوَ رَبُّ كُلِّ شَيْءٍ

وَلَا تَكْسِبُ كُلُّ نَفْسٍ إِلَّا عَلَيْهَا

وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٌ وِزْرَ أُخْرَىٰ

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُمْ مَرْجِعُكُمْ

فَيُنَبِّئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ فِيهَا تَخْتَلِفُونَ ﴿١٦٤﴾

وَهُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُم مِّنَ الْأَرْضِ

وَرَفَعَ بَعْضَكُمْ فَوْقَ بَعْضٍ دَرَجَاتٍ

لِيَبْلُوَكُمْ فِي مَا آتَاكُمْ

إِنَّ رَبَّكَ سَرِيعُ الْعِقَابِ

وَإِنَّهُ لَغَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١٦٥﴾